



**IPSS**  
Institute for Peace and  
Security Studies



**Rift Valley Institute**  
MAKING LOCAL KNOWLEDGE WORK



**Peace  
Research  
Facility**

# BACKGROUND

The Institute for Peace and Security Studies (IPSS) of Addis Ababa University and the Peace Research Facility (PRF) of the Rift Valley Institute (RVI) jointly organized a seminar on the theme ‘Rethinking Ethiopia: A Seminar on Youth Voices’, held on 22 February 2024. The seminar was based on a call for submissions that these organizations made in September 2023, requesting essays commemorating the 50th anniversary of the 1974 Ethiopian revolution.

The Ethiopian revolution marks a significant turning point in Ethiopian history, bringing about major social and political changes with far-reaching consequences. In commemorating the 50th anniversary of this historic moment, it is important to reflect on this legacy and the lessons that can be drawn from it. Moreover, the ideas discussed and debated at that time remain central to public life in contemporary Ethiopia. The Institute for Peace and Security Studies (IPSS) of Addis Ababa University and the Peace Research Facility (PRF) of the Rift Valley Institute (RVI) provided a national platform for further articulation, exchange and debate about the future(s) of Ethiopia.

To this end, these organizations invited young Ethiopians (18 to 35 years old) to contribute their ideas, in the form of a 2000-word essay, on what they take to be the contemporary challenges in Ethiopia and to propose solutions from variety of disciplinary backgrounds. The essay competition was intended as an opportunity for young writers to assess the legacy of the Ethiopian student movement and revolution, identify the main causes of current predicament(s) facing the country and look ahead to the next 50 years. Through this initiative, the host institutes aimed to provide a national platform for young Ethiopians to discuss and debate the challenges and contradictions facing the country and to propose solutions to make Ethiopia a more peaceful and prosperous nation for all its citizens.

Those wishing to submit an essay were instructed to outline an analysis of their view of the Ethiopian problem(s) and proposed solution(s). Contributions were welcomed from all disciplines and backgrounds and were not expected to be heavily referenced. The call for ideas was advertised on 12 September 2023 (<https://ipss-addis.org/call-for-submissions-rethinking-ethiopia-a-call-for-youth-voices/>), which coincides with the date that *Atse* (King of Kings) Haile Selassie I was deposed from office. Given internet shutdowns affecting some parts of the country, particularly Amhara region, we sought to ensure equitable representation and participation from across the country. To this end, we assigned focal persons as the primary point of contact in Gondar, Bahir Dar, Dessie and Debre Birhan.

We received more than 40 submissions in four different languages: English, Amharic, Afaan Oromo and Somali. These submissions came from several areas, including Addis Ababa, Oromia, Amhara, Somali, Southwest region and Central region. A panel composed of 4 RVI and IPSS representatives reviewed the submissions based on agreed selection criteria that focused on originality, progressive value and clarity of thought of the proposed recommendations. Ensuring a diversity of voices (societal, sex) was also a key consideration.

The panel then selected 15 contributors, who received mentorship to further refine and shape their essays. The 15 selected semi-finalists received writing mentorship from esteemed Ethiopian scholars: Dr Serawit Debele, Dr Netsanet Gebremichael, Dr Kiya Gezahegn, Dr Mercy Fekadu, Dr Yonas Ashine and Shimellis Hailu. These mentors were selected for their expertise, diverse educational background and capacity, and willingness to work with and mentor the young contributors. After a month-long mentorship process, the mentees submitted their final essays.

The final version of these 15 submissions were reviewed by a four-member group from the RVI and the IPSS to select the 5 best essays for presentation to a wider audience at the seminar in February 2024 and for publication in a range of languages: Amharic, Afaan Oromo, Tigrigna, Somali and English. The same agreed criteria were used to select the essay finalists: originality, progressive value and clarity of thought. We also aimed for gender-balanced group of finalists, with two young women and three young men selected. Among the five finalists, two are undergraduate students in their final year, one is a MA candidate, one is a graduate degree holder, and one is a recent LL. B graduate. Three are based in Addis Ababa, one is from Debre Birhan in Amhara region, and one is from Hawassa in Sidama region.

The seminar on 22 February 2024 was organized with the intention of providing the selected essay finalists an opportunity to present their work to a wider audience. It also intended to solicit reflections on the last 50 years since the 1974 revolution from scholars familiar with relevant social, economic and political issues. The seminar report is published and can be accessed at organising institutions websites [<https://ipss-addis.org/>; <https://riftvalley.net/>]. This bulletin contains the Afaan Oromo version of the essays. We are hopeful it would make the essays accessible to a wider audience. We would like to express our gratitude for the essayists and translators and everyone else who made this possible.

## Beeteliheem Mollaa : Biyyaafi Yaada: Hayyoota Keenya Kaleessaafi Har'a

“Biyya jechuun nama” gaafa jennu biyya jechuun yaada laphee namootaa keessatti mo’atedha jedheen amana. Namootni yaada isaanii akka jiraatan yeroo gara garaatti jireenya hafuura keessattis ta’e jireenya hawaasummaa keessatti yeroo dubbatamu ni dhageenya. Biyyi ammoo sirriimatti namootni qalbii isaanii keessatti uumanii yaada isaanii guutummaatti kan to’attu yaada aja’ibaati. Biyyi keenya Itoophiyaan waggoota kuma hedduuf dhaloota gara garaa biratti yaada dda addaatiin uummata tokko taasisee tursuu karaa danda’uun ijaaramaa dhalootaa dhalootatti darbaa biyya dhufteedha. Addumatti ammoo xiyyeeffannoo barruu kanaa kan ta’e bara 1960’oota irraa kaasee dambalii yaada hayyootaa biyyi keenya ittiin ijaaramaa dhufte gaafa ilaallu, gaaffileen hakuuccaaniifi beekumsi dhalan uummata kakaasuun waggoota kuma hedduuf Itoophiyaa bulchaa kan ture sirna bulchiinsa gonfoo kuffisuu danda’eera. Kanarraa kan ka’es, Itoophiyaan sooshaalistii taate uumamtee, gaaffiin lafti qotee-bulaaf jedhus deebii argatee, gabbaariin abbaa lafaa ta’eera. Haa ta’u malee, bifa abjuu wayii fakkaatuun, maddisiistota yaada warraaqsichaa dabalatee yaada Warraaqsi “ilmaan ishee iyyuu ni nyaatti” jedhuun, irbaata rasaasaa ta’aniiru; mirgi yaada ofii bilisaan ibsachuu dhowwamuun, sirnichi sirna abbaa irreefi waraanaa ta’uun, dargaggeessi biyya isaa irratti dagaaguun hafee du’uun, madaahuuniifi godaanuun isaa yaadni qabsoo hakuuccaa biraadhaan uumame dhalachuu isaaf sababa ta’eera. Sababuma kanaan, waggoota 17’f dargaggummaa isaanii yaada qabsoo isaaniif aarsaa godhanii bosonatti kan galan qabsaa’otni biroon qalbii uummata isaanii mo’atanii aangoo yeroo qabatanitti biyyi keenya Itoophiyaa Dimokiraasii Liberaalaa hordoftu taatee as baate. Yeroo sana irraa eegalees, dargaggootni uummata bal’aa Itoophiyaa maqaa Qayyi Shibbiriifi Nacci Shibbiriin dhumuun isaanii hafuun, haalli dinagdee kan duraarra fooyyee qabu uumamuun, akkasumas gama dipiloomaasiitiin hojiiwwan akka hidhaa Laga Abbaay jalqabamuuniifi Finfinneen teessoo Gamtaa Afriikaa taatee itti fufuun ishee friiiwwan galmaa’an turan. Gama biraan ammoo, dhaabbileen mootummaa giddu galeessaa hojjettoota saba tokkoo qofaan dhuunfatamuun, naannolee gidduutti guddinni dinagdee wal madaalaa hin taane uumamuun warra kaanitti miirri dhiibamuu akka itti dhagahamu taasisuun isaa, mirgi yaada ofii bilisaan ibsachuu daangeffamuun isaa, gaaffilee uummataa deebisuu caalaa adeemsi mootummaan gaaffilee kana ukkaamsuuf taasise, warri dhiibanii yaada isaanii ibsatan butamuun, hidhamuun, gidirfamuufi akka godaanan taasifamuun yeroodhaa yerootti dabalaa dhufuu isaa irraa kan ka’e jijjiiramni barbaachisaa ta’eera. Kanumaanis bara 2011 irraa jalqabee, uummata Itoophiyaa guutuu jechuu bifa nama dandeessisuun kan itti gammadaniifi abdatan “Jijjiirama” bara jedhamu irra gahame. Ta’us garuu jijjiiramiichi baayyoliin akka badatan fayyadamummaan hundumaa kan keessatti mirkanaa’e osoo hin taane iddoo adda addaatti ajjeechaan, saamichi, waraanni, beelli, buqqaatiiniifi manneetiin amantaa diigamuuniifi gubachuun oduu guyyuu kan keessatti ta’e ta’eera.

Egaa, ‘maddi kana hundaa maali?’ kan jedhu gaaffii hundaa gaafa ta’u, deebiin gara sammuu nama baay’ee-tti dhufu ammoo uummatni Itoophiyaa sabaafi sablammoota garaa garaa, akkasumas amantiiwwan garaa garaa kan hordofan ta’uu isaanii irraa kan ka’e wajjin jiraachuu waan hin dandeenyeef ykn waan wal jibbaniifi kan jedhudha. Kanaafis fakkaata kan namni baay’een gaaffii warraaqsichi qabatee ka’eef deebii ta’ee kan dhufe “Sirna Federaaliizimii Sabummaa” akka rakkinaatti kan ilaaluuf. Haala qabatamaa amma jiruun, federaaliizimiin sabummaa biyya keenya keessatti fiixee lamarraa ilaalama: Fiixeen inni tokko federaaliizimii sabummaan alatti biyyi keenya ni diigamti isa jedhu yoo ta’u, fiixeen inni biraan ammoo rakkoo biyyi keenya amma keessa jirtu hundumaaf sababni federaaliizimii sabummaa waan waan ta’eef sirni kun sirna bulchiinsaa kan biraan bakka hin buufamu taanaan biyyi keenya ni diigamti kan jedhudha. An yaadota lamaanittuu walii hin galu; sababni isaas, tokkoffaa biyyattiin biyya sabaafi sablammoota hedduu ta’uu ishee irraa kan ka’e federaaliizimii sabummaan alatti federaalizimiin biraan isheef ta’u hin jiraatu-sababni isaas sirnichi sabootni eenyummaa ofii isaaniin akka boonan, aadaa isaanii, afaan isaaniifi duudhaa isaanii akka guddifataniifi gara qabeenyaatti jijjiiratanii akka dhimma itti bahaniif haala mijataa kan uumuudha. Dabalataanis, saba tokkoon waa’ee eenyummaa kee dagadhuutii akkaataa teessuma lafa keetii qofaan kan ijaaramte lammii tokko ta’ii jiraadhu waan ittiin jedhame qofaaf nagaan dhufuu hin danda’u. Sirumaa duubatti deebinee waan hundumaa duwwaa irraa akka jalqabnuufi walitti bu’iinsa caaluuf kan

nu saaxilu ta'a. Haa ta'u malee, federaaliizimicha keessaa wantootni jijjiiramuu qaban jiraachuun isaanii dubbii ifaafi dhimma keenya ariifachiisaadha. Haala amma keessa jirru ilaalcha keessa kan galchan, rak-koo amma keessa jirruuf furmaata ta'uu kan danda'an yaadota furmaataa laman qaba:

1) Kanaaf, federaaliizimii sabummaa kana beekumsa ganamaa uummata biyyattii wajjin wal unaachiisuuf xiyyeeffannoo kennuu qabna. Akkuma beekamu, warraaqsiicha duras yeroo garaa garaatti abbootiin keenya haaluma isaanii galeen yaadotaafi ilaalchota biyyoota addunyaa fudhatanii ijaarsa biyyaafi bulchiinsa uummataaf itti fayyadamaniiiru. Haa ta'u malee, Itoophiyaanonni durii, yaadota sana iddoo biraadhaa ergifatani haa fidan iyyuu malee, kennaa addaa ittiin biyya irraa ergifatan caalaatti guddisaniifi gabbisani qaama jiruufi jireenya guyyuu tokkoon tokkoon hawaasa biyyattii taasisuun baroota keessa eegani tursiisuu qabu. Ammas nuti bara keenyatti ilaalchotaafi yaadrimeewwan kanneen akka dimokraasiifi federaaliizimii, jalqaba ofii keenyaa sirriitti hubachuun, achii booda uummata sirriitti hubachiisuun sababii wantoota dogoggoraan hubachuuttiin jeequmsa uumamuu malu irraa hawaasa keenya baraaruu qabna jedheen amana. Dabalataanis, yaadrimeewwan haaraan kunneen karaa isaan hawaasa keessa sirnaan itti seenan, yaada keessummaa ta'uu keessaa karaa isaan itti bahan, gara aadaa, ilaalchaafi sirna hawaasicha fayyaduufi kan hawaasichaa ta'e ta'uutti karaa isaan itti guddachuu danda'aniifi jiruufi jireenya hawaasichaa wajjin karaa isaan itti wal unachuu danda'an irratti qo'annoofi qorannoo gochuudha. Walumaa galatti, saba Itoophiyaa akka sabaatti eegge waggoota kitila tarkaanfachiisuu kan danda'u yeroo keenyatti sirna mataa keenyaa uummachuutu nurraa eegama. Kanaafis federaaliimiin sabummaa, yeroo sochii barattootaa bara 1960'ootaa keessa waan yaadamee ka'ame, amma irratti ammoo bakka geenye ilaaluun, maal akka dogoggorre hubachuuf yaaluu akka tarkaanfii tokkootti fudhachuu dandeenya. Jechuunis, yeroo sanatti wal qixxummaa sabootaa mirkaneessuufi hakuuccaa saba tokkoo hambisuuf qabsoo taasifame ta'uun isaa baay'ee keenya kan walii galchu ta'u iyyuu, amma irratti garuu sabaafi sablammootni walii waliisaanii ija shakkiitiin akka ilaalaniifi yeroo garaa garaatti ol aantummaan saba tokkoo ol aantummaa saba biraan bakka bu'amaa, "Sumaaleetu dhiitee si bulcha", "Affaartu dhiitee dhiitee si bulcha", "Hamartu dhiitee si bulcha" fi kkf akka waliin jennuuf hin turre. Kanas salphaadhumatti yeroo sanatti yaadota turan barreeffamoota calaqqisiisan keessaa kan barreeffama Waalelliny Mekonnin *"On the Question of Nationalities"* jedhurraa hubachuu dandeenya. Waalellinyis barreeffama isaa keessatti, *"...it is not only the right but the duty of the most conscious nationality to first liberate itself and then assist others in the struggle for total liberation."* jedha. Jechuunis, yaadni walii galaa isaa gaafa hiikamu, dammaqiinsa qalbii fooyyee qabu irratti sabni argamu tokko jalqaba mirgaafi faayidaa ofii isaa eega kabachiiseen booda, sabni biraan mirgaafi faayidaa isaa akka kabachiifatuuf deggeruufi gargaaruun itti gaafatamummaasaa qofa osoo hin taane dirqama akka ta'e ibsa. Sabni tokko saba isa biraadhaaf deggeraafi gargaaraa ta'uun wal qabatanii guddachuufi biyya jabduu ijaaruu ilaalcha jedhuun kan masakame ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Kanaaf, yaadrimee federaaliizimii sabummaa sirriitti hubachuufi hubannoo uumuun dhimma ijooti jechuudha.

2) Mootummaan federaalaa giddu galeessaa jaarmiyaa waloo sabootaafi sablammoota Itoophiyaa hundaaf wabii wal qixxummaa isaaniiti malee kan ol aantummaan saba tokkoo keessatti calaqqisuufi meeshaa haaloo baafannaa ta'uu isaa dhaabsisuu danda'uu gaafa ta'u; kunis hojiirra kan oolu mootummaan hojiirra oolchu mirga namoomaa qeenxeefi garee bifa madaalawaa ta'een eeguufi eegsisuu irratti imaammata bocee irratti hojjechuu gaafa jalqabuudha. Kana jechuunis, mirga ofiin of bulchuu sabootaa, sablammootaafi uummatootaa, mirga afaan isaaniin walii galuu, barachuufi hojjechuu kan kabachiisu; qixuma sanaan ammoo mirga bakkaa bakkatti socho'uu namoota dhuunfaa, mirga jiraachuu, hojjechuufi qabeenya horachuu lammiilee kan kabachiisu mootummaa giddu galeessaa jabaa barbaachisa jechuudha. Jeequmsi amma arginu qaamota maqaa sabootaan hundaa'aniin kan uumaman ta'u iyyuu, dadhabina mootummaan mirga namoomaa lammiilee isaa eegsisuu irratti agarsiise kan ifoomsuudha. Namni Oromoo ykn Amaara ta'e tokko daangaa bulchiinsa Itoophiyaa keessa hamma ta'etti, gara naannoo biraa deemee hojjechuufi qabeenya horachuun saba biraaf akka yaaddootti ykn akka sarbama

mirga isaatti haalli inni itti ilaalamu uumamuu hin qabu. Afaan naannoo sanaa beekuun, aadaafi duudhaa naannichaa kabajuuniifi eeguun, mirga garee hawaasichaa kabajuuf barbaachisaa waan ta'eef dirqama itti ta'a jechuudha. Kanarra darbee garuu sanyiifi lafeen isaa lakkaa'amee kan ajjeefamu yoo ta'e, mootummaan akka lammii tokkootti mirga isaaf dhaabbachuufi falmuufii qaba. Kanaaf, fiixeewwan lamaan gara walakkeessaatti dhufuun gara wal hubannaa waloo mirgi garee in ta'a wal qixa mirga qeenxee, yookaan ammoo jecha biraan, mirgi lammiilee in ta'a wal qixa mirga sablammootaa jedhutti dhufuu qabu. Kana waan ta'eef, federaaliizimiin sabummaa mirga qeenxeewwanii mancaasu sirrii akkuma hin taane, mirga sablammootaa kan mancaasu federaaliizimiin gosti biraan sirrii ta'a jedhe hin amanu. Mirgoota garee mirgoota qeenxeewwanii wajjin wal simsiisanii adeemsisuufi nagaa fiduun kan danda'amu dhaabbileen giddu galeessaa namoota naamusa ogummaatiin masakaman, kabajamuu mirga namoomaafi wal qixxummaatti kan aman, namoota qalbii isaaniif bitamaniifi qajeeltoo naamusaa cimaa ta'een geggeeffamaniin gaafa ijaaramudha. Malee mootummootni naannoos sabummaa irratti hundaa'uun ijaaramanii, mootummaan giddu galeessaas akkasuma sabummaa irratti kan xiyyeeffate yoo ta'e, ammas rakkoon keenya itti fufuun isaa waan hin oolledha. Kana jechuunis, sirna federaaliizimii sabummaa keessatti mootummaa giddu galeessaa irras kan taa'u bakka bu'oota sabootaafi sablammoota garaa garaan bakka buufaman akka ta'aniifi aangoo hooggantummaas kan qabatu nama saba tokko keessaa bahe akka ta'u kan wal nama hin gaafachiifne ta'us, gara mootummaa giddu galeessaatti yeroo dhufu garuu hundaafuu kan qixa dhaabbateefi waliin ta'anii biyyaafi mootummaa jabaa ta'e ijaaruu kan jedhu yaadi mo'ataa ta'e, imaammatniifi qajeeltoon giddu galeessaa itti gaafatamummaa wajjin jiraachuu qaba jechuudha. Kana ta'uu baannaan garuu, akkuma isa hamma ammaatti jiruu, bara ADWUI "Tigireetu dhiitee si bulcha" jedhamaa akka turre; bara mootummaa Badhaadhinaa ammoo "Oromootu dhiitee si bulcha" jedhamaa, uummatnis "Itti fufee eenyu yoo si bite sitti tola?" waliin jechaa abdi kutannaa keessa taa'ee kan itti aanee dhufee dhiitee isa bitu filachaa, mootummaan giddu galeessaas waltajjii dabareedhaan hooggantoota sabootaafi sablammoota gara garaa keessaa bahaniin yakki irratti hojjetamu ta'uun isaa kan itti fufu yoo ta'e, biyyattiin diigamtee biyyoota dadhaboo garaa garaa ta'uun keenya dhimma yeroo eeggatu qofa ta'a jechuudha. Hubannaan hamma ammaatti qabuun ammoo, eenyu illee eenyummaa sabummaa isaa hamma fedhe yoo jaal'atellee, garuu ammoo qoqqoodamanii biyyoota xixiqqoo ta'uu ittumaan wal sodaachisuuf yoo ta'e malee eenyu illee dhugaatti akka hin barbaadne ifa waan nuuf ta'e natti fakkaata. Kanaaf, mootummootni naannolee mirga sablammootaaf dhaabatan, keessoo isaaniitti kan uumamu haleellaa sabummaa bu'uureffateef gaafatamummaa kan fudhatan ta'uu isaanii bu'uura seeraan mirkaneessuu yeroo danda'an; akkasumas jaalalli ykn jibbi saba tokkoo kan isaan hin jaamsineefi itti gaafatamummaan itti dhagahamu; waan sirriifi jal'aan kan harkaa wal hin dhoofne; wal qixxummaa saboota hundumaatti kan aman; qajeeltoo naamusaa cimaa ta'een namoota geggeeffaman kan tajaajiltootaafi hooggantoota dhaabbilee mootummaa giddu galaa ta'an yoo qabaanne, nagaa dheebonne argachuu ni dandeenya jechuudha. Kanaaf biyya keenya irra waliin gaafa jiraannu, wanti irratti waliif hin galle jiraatuuyyuu yoo xinnaate wal hin ajjeesnu jechuudha.

Egaa, 'karaan kun ittiin mirkanaa'u kami?'; 'eessa irraas haa jalqabnu?' kanneen jedhan gaaffilee keenya itti aanan ta'uu danda'u. An barruu kana keessatti kanin irratti xiyyeeffachuu barbaadu daandiiwwan jiran hedduu keessaa tokko kan ta'e Gahee Hayyootaa irrattidha. Asirratti, hayyootni bara keenya kana keessa jiran warroota darban irraa wanti isaan barachuu danda'an waan baay'eeetu jira jedheen yaada. Sababni isaas Itoophiyaa dimokraatofteef bu'uura kan ta'e qabsoo hayyootaa kan bara 196'ootaa gaafa yaadannu wanti baay'ee ajaa'ibsiisaan mootummaafi sirnicha mormanii gaaffilee akka "Lafti qoteebulaaf", "Jireenya hiyyeessa magaalaa fooyyessuu", "Wal qixxummaa sabaafi sablammootaa" fi kkf qabatani addababayii irratti hayyootni kufaa turan, kan hidhamaniifi ajjeefaman jireenya ofii isaaniif homtuu waan itti hir'ateef hin turre. Sirumaa baay'een isaanii jireenya qananii gosa isaanii dhiisanii, jireenya egeree milkiin guute kan ofii isaanii bilisummaafi jireenya fooyya'aa saba isaaniif jecha aarsa godhaniitu. Ofii isaanii jireenya gaarii jiraachuu utuu danda'anii qannoo dhuunfaa ofii isaaniif qalbiin utuu isaan hin hatamin bakkayyuutti kan kufan urjiwwan qabsoo bara 1960'ootaa qabsoo isaan geggeessan yeroo yaadannu wanti nuti itti

yaaduu qabnu “nuti egeree isaan abjootan keessa jirraa?” kan jedhuudha. Bu’uurri warraaqsa barattootaa inni duraa “ani biyya koof maal haa godhu?” kan jedhuufi uummata keenyaaf waan kana irra wayyutu malaaf yaadama jedhu ture. Warraaqsa barattootaa bara 1960’oota keessa ture irratti, barattootni addababay-iitti bahanii “Lafti qoteebulaaf” kan jedhan qoteebulaaf gaddanii, raafamaniifii, akkasumas waan wayyutu malaaf jedhaniiti. Kanaan wal bira qabnee yeroo ilaallu, ammatti kan jiru humni barate baay’inaan ofii isaa hawaasa keessa jiraatuun olitti ol of kaasee, akkasumas wanti gaariin hundumtuu isa qofaaf akka malut-tidha kan yaadu. Malee sadarkaa ol ka’iinsa yaadaa “Lafti qoteebulaaf” jedhuun itti fufeera osoo ta’ee “Daandii qoteebulaaf”; “Bishaan qulqulluu qoteebulaaf”; “Buufata fayyaa qoteebulaaf” jechaa itti fufaa qoteebulaanis jireenya fooyya’aa jiraachuutu irra ture.

Sadarkaan ol ka’iinsa yaadaa hawaasa baratee kan amma ammaatti jiru akkuma sanaan itti fufeera utuu ta’ee, dhaloonni kunis rakkoo hawaasummaafi dinagdee qoteebulaafi hawaasni magaalaa amma keessa jiru furuu irratti utuu xiyyeeffateera ta’ee, federaaliizimiin sabummaa ofiisaan rakkoo nutti hin ta’u ture. Kana waan ta’eefis qoteebulaan biyya keenyaa yeroo ammaatti kan ittiin rakkataa jiru rakkoo hanqina bu’uuraalee misoomaafi kanneen biroo akka rakkoo mala qonnaa duubatti hafaa ta’e fayyadamuu furuun, wanti biraan yoo hafe yoo xinnaate uummata midhaan nyaataan of danda’e akka taanu, yoo xinnaate meeshaa qonnaa warri ammayyummaa beekaa baqatan itti fayyadaman bifa ammayyaawaan ogeeyyii ijaarsaa keenya fayyadamuun tolfaman qoteebulaa keenya biraan gahuu barbaachisa. Qoteebulaa qofaafis osoo hin taane, warra dhiibbaa qaala’iinsa jireenyaa, hoji-dhabdummaafi dhiibbaawwan biroo jala ta’anii jiraachuun itti cimée guyyuu rakkoo xiinsammuufi rakkoowwan biroof saaxilamaa jiraatan jiraattota magaalaa aara galfii ta’uu kan danda’u furmaata hawaasummaafi dinagdee fiduudhaaf halkaniifi guyyaa hojjechuun waan hayyootni ittiin beekaman ta’uu qaba.

Haa ta’u malee, rakkoo biyyattii mudateef miira abbummaatiin furmaata barbaaduu irra hayyootni tokko tokko saba kan kooti ittiin jedhan qofa irratti xiyyeeffachuun yaada uummatni biyyattii walumaa galatti waliin itti jiraachuu danda’an maddisiisuu irra qaama badii ta’uun; tokko tokko ammoo yaada furmaata ta’uu danda’u fidanii dhufaniiru gaafa jennu qarooowwan siyaasaan liqimfamaniifi butamanii; warri hafan kaanis dubbichi babbadeera, mee dura gar tokkotti haa bahu jedhanii callisuu filachuun; kaan immoo ofii isaanii qofa irratti ofii isaaniif jireenya wayyu jiraachuu qofa irratti xiyyeeffatanii rakkoo biyyattii akka hin jirreefi homtuu hin dhalanneetti akka nama hin argineetti bira darbuudhaan uummatni warra barsiifate irraa furmaata homaayyuu utuu hin argatin akka turu ta’eera. Kanaaf, ammas dubbiin kana irra osoo badduu bahee aarsaa dabalataa nu hin baasisin, rakkoowwan siyaasaa keenyaaf hayyootni fedhii aangoo irratti kan hin hundoofne, saboota akka tokkootti wajjin jiraachisuu kan dandeessisu yaada furmaataa beekumsa irratti hundaa’e maddisiisuufi madaalawoo ta’uu qabu. Kana waan ta’eefis, akkuma hayyoota duraanii, hayyootni bara keenyaas shoora isaanii bahachuuf tattaafii dabalataa agarsiisuu qabu. Waan biraan yoo hafe, qabatamaatti waan argamu firii beekumsaa gumaachuun jireenya uummataa salphisuu yoo dadhaban illee, gibira uummata irraa sassaabamuun nuuf kaffalamaa tajaajila kenninu keessatti malaammaltummaafi aadaan hojii badaan akka hundee gadi fageeffatu taasisuun jireenya uummataa ulfaataa taasisuu irraa yoo of qusanne, guddina biyyaafi saba keenyaaf shoora ol aanaa taphachuu dandeenya. Kanaafis addatti hayyoota kan oomishan dhaabbileen barnootaa ol aanoon ykn yuuniversityootni tajaajila hawaasaa kennuu akkuma waraqaa eebbaa ulaagaa taasisuun, hayyootni rakkoo hawaasaafi gahumsa dhokataa jiru gadi fageenyaa akka hubataniifi yaada furmaataa akka soqaniif carraa kennuufiin, hayyootni ammoo rakkoo hawaasaatiif kan ofii isaanii kan ta’e yaada furmaataa haaraa soquuniifi uumuun firii barachuu isaanii ta’uu qaba.

Walumaa galatti, akka amanti kiyyaatti, haala wal xaxaa amma keessa jirruuf hayyootni deebi’uuniifi saba ceepha’uu keessaa bahanii ofii isaanii of sakatta’uun of qajeelchani, wal bira qabani ialuun ijaarama saba biraa hamma xiqqeessan, ijaarsa hawaasa ofii isaaniis kan hawaasa biraa wajjin wal bira qabuudhaan ‘an hawaasa kiyyaaf maalin gochuu danda’a?’; ‘gahee koo akkamiinan bahachuu danda’a?’ kan jedhu gadi fageenyaa xiinxalanii, rakkooleen utuu dhiigi nama biraa hin dhangala’in karaa itti furamuu danda’an irratti hojjechuun barbaachisaadha. Akkuma gosa ogummaa irratti hiriiree argamuuttis guddinaafi naageenya biyyasaatiif gahee ogummaa isa irraa eegamu bahachuu qaba. Kanaafis qaama hawaasaa hunda

iyuu ija kan kooti jedhuufi miira abbummaatiin ilaaluu, ofii keenya beekuu, itti gaafatamummaadhaan akka ogummaa keenyaatti warra rakkoo furan ta'uudhaan gumaata uummata keenya hirkattummaa biyya bakkeerraa bilisa godhu taasisuuf dhama'uudha. Akkasumas hojii dhalootaaf darbu hojjechuun dhimma keenya guddaafi angafaa ta'uu qaba. Waan ta'eefis, ija jabina, cichoominaafi gara laafina hayyoota darban irraa dhaaluun, nutis akkuma isaan abjootan Itoophiyaa wayyitu dhaloota dhufu dhaalchisuuf dhama'uu qabna. Kunis yaadota haaraa dhufan duudhaawwan keenyaa wajjin wal simsiisuudhaan, cehumsa bu'uura Itoophiyummaa gad hin dhiisne taasisuufi biyya akka biyyaatti kan dhaabe aadaa waliin jiraachuu keenyaaf xiyyeeffannoo laachuun, dhaloota itti aanuufis akka darbu qorannoowwan, qo'annoowwaniifi yaaliiwwan faayidaa isaanii guddisanii mul'isan hojjechuun dhalootichi, keessumaa dhalootni barate, biyyaafi lammii isaaf kabajaafi jaalala akka qabaatu taasisuun hojii boriif hin bulfatamne yoo ta'u, kanaafis yaadotni deggersaafi gaggaarii ta'an jalqaba nu keessa akka bulan, itti aansees uummata keessa akka seenan taasisuun hojiitti hiikamuu qaba.

## **Laamesginewu Neggaaliny: Pirezidaantii Hunda Bakka Bu'u; Filannoo Sagaleen Hunduu Keessatti Dhagahamu: Sirna Bulchiinsaa fi Filannoo Haaromsuun Itoophiyaatti Sirna Ol Aantummaa Sabummaafi Rakkinoota Isaa Akkamiin Fura?**

Sirna Impaayeraa kan afaan Amaariffaa qofaaf akka afaan hojiitti beekamtii kennu keessatti, akaakileewan koo warra maqaa Amaariffaa moggaafachuun dirqama itti ta'ee ture irraa kaasee, haga ijoollee isaa warra waanuma wal fakkaataa itti fufsiisaniitti, achirraas haga haadhakoo ishee Oromoo taatee, sirna Sabummaa TPLF ittiin keessa baruufi biirolee mootummaa keessatti tajaajila fooyya'aa ta'e ittiin argachuuf, dandeettii afaan Tigiriffaa ishee-- kan yeroo Ertiraa keessa turte barte-- gabbifachuuf itti yaadde karooraan hojjetu arguutti-- dhiibbaan bulchiinsa Sabummaa Itoophiyaa keessaa sadhata jireenyaa keenya boceera. Har'a, yeroo hiriyoota kee, warra kaan danqaan garaagaraa yeroo mudatutti, Afaan Oromoo danda'uu isaaniif qofa caasaa mootummaa keessatti fayyadamoo ta'an argitutti, rakkoon sirni bulchiinsa Sabummaa Itoophiyaa keessatti uumaa jiru waan qabatamaa hin taane osoo hin taane calaqqisee waan mul'atuufi jireenya hunda keenyaa irratti dhiibbaa geessisaa kan jiru ta'uunsaa ragaan mul'achaa dhufa.

Amma har'aatti illee, dhugaan kun ilaalcha an gaaffii wal qixxummaa Itoophiyaa keessa jiru ilaalchisee hubannaa koo kan bocuudha. Itoophiyaa keessatti qabsoon wal qixxummaaf taasifamus, wal'aansoo dhuma hinqabne hammatamummaafi dhiibamiinsa gidduutti taasifamu bulchiinsa Sanyummaa wayyabaatiin guutamedha. Yeroowwan murteessoo ta'an tokko tokko duuba deebi'anii ilaaluun barnoota hadhaawaafi abdiif namaaf kenna.

Falmiin Itoophiyaan qabaa hacuuccaa bulchiinsa Sabummaa waliin taasifte seenaa keessatti kan ifee mul'atu ta'us, ta'iiwwan akkanaa muraasatu sochii barattootaa bara 1960'oota keessaa caalaa ifee mul'ata. Dargaggoonni kunis, utuma jireenya qananiifi haala mijataa keessa turaniin yaadni isaanii hin hatamne. Iddoosaa, iyya cal'isa warra moggeeffamaniif sagalee ta'an- abjuu wal qixxummaa sooshaalistii gara dantaa sabaa jabaa ta'ee, kan keessatti eenyummaan dallaa shiboo lammummaa irraa nama daangessu hin taaneetti ceesisan (Qaasim, 1985). Qabsoon isaan lafti irra deebiin akka qoqqoodamuufi sirna hammataa ta'e uumuuf taasisan humna akka sunaamii (Tsunami kan qabu waan tureef, mooticha aangoo irraa buusee biyya jijjiiruu danda'eera (Kasim, 1985). Firiin isaaniis kan mul'atu faayidaa maallaqaatiin osoo hin taane eenyummaan hidda sanyii namaa waraqa dhalootaa irratti katabame caalaa namummaa irratti kan hundaa'e gaafa ta'u qofadha.

Warraaqsi Itoophiyaa kan sirna fiwudaalaa kuffise kan bara 1974, rakkoo abbummaa lafaa furuudhaan wal qixxummaa fiduuf yaaleera. Irra deebiin qoqqoodamiinsi lafaa qonnaan bultootaaf taasifames seera jijjiiruufi qonnaan bulaaf lafa kennuu garasitti, tarkaanfii ija jabinaa humna isaaniif malu isaan gonfachiise ture. Garuu tarkaanfichi firii wal qixxummaa warraaqsiichi fide yeroo dheeraaf tursiisuu hin dandeenye.

Walitti bu'uunsi ilaalchaafi hawaasummaa uumamuun isaanii, sirna dabaa tokko diiguun qofti sirna qajeelaadhaan bakka bu'uusaatiif wabii akka hin taane kan agarsiisu ture (Qaasim, 1985).

Heerri Ripaabilika Dimokiraatawaa Uummatoota Itoophiyaa bara 1979, kan sab-daneessummaa, af-daneessummaafi danoomina amantiif beekantii kenne, wal qixxummaa fiduu keessatti tarkaanfii gaarii isa biraa ture. Tarkaanfii kunis qajeeltoo wal qixxummaa Heera keessatti mirkaneessuun isaa, mootummoota loogiiin guutan kanneen isaan dura turan irraa jijjiiramni akka jiru kan agarsiisu ture (PDRE Constitution, 1987). Haa ta'u malee, gareewwan hidhattootaa "Ol aantummaan Amaaraa akkuma itti fufetti jira" jedhaniifi kana ammoo akka sababa qabsootti itti fayyadaman baay'inaan jiraatan iyyuu galmi abjootame garuu akkuma utuu harkaan hin qabatamin hafetti jira (Balcha, 2007).

Jijjiiramni hooggansaa bara 1983 (1991 A.L.A), sabootaaf mirga ofiin of bulchuu mirkaneessuufiin rakkoo kan furuu yaalee ture (Balcha, 2007). Haa ta'u malee, jijjiiramni aangoo kun, olaantummaa Amaaraa hooggansa Tigiraayiin bakka waan buuseef, rakkoo bu'uura sana osoo hin furin ol aantummaa sabummaa itti fufsiiseera. Caasaan sirna federaalaa kan sabootaafi naannolee humneessuuf bocames haala nama gaddisiisuun waadaa isaa fiixaan baasuu dadhabuu isaa agarsiiseera (Tefera, 2019; Tola and Royo, 2022).

Seenaan Itoophiyaa dhiyeenya kanaas qabsoowwaniifi walitti bu'iinsota sirna bulchiinsa sabummaa kana mormaniin kan ibsamuudha. Falmiin Oromoo kan "Maaster Pilaanii Qindaa'aa Addis Ababaa" sababeef-fachuun uumame, aggaammii eenyummaafi aadaa Oromoo irratti humnoota yeroo sana ol aantummaa qaban humnoota Tigiraayiin irratti taasifame ofirraa qolachuu bu'uura kan taasifate ture (Asafa, 2017).

Mormiin Oromoon ol aantummaa sabummaa irratti taasisaa ture galma sirna federaalaa mootummaan gidduu galeessaa laaffataa ta'e jiraatee garuu naannoowwan cimoo ta'an kan keessatti argaman uumuu irraa haga walabummaatti diriiru bira gahuuf ture. Haa ta'u malee, boqonnaan bara 200 - 2010'tti jiru adeemsa biraa fidee dhufe. Adeemsi haaraan kunis jijjiirama akka fonqolchaa fiduu caalaa irraa guddes-saan qabsoo caaseffama keessoo qajeelchuu irratti kan xiyyeeffate ture (Jawar, 2023). Jijjiiramni tarsii-moo taasifame kunis bara 2010 yeroo hoogganaan Oromoo ta'e aangoo qabatee gaaffilee murteessoo hammatamummaa siyaasaa deebisuu waan danda'eef faayida qabeessa ta'ee kan mul'ate ture.

Haa ta'u malee, qilleensi jijjiiramaa kun umurii hin dheeranne. Haaromsi kun sirna olaantummaa sabummaa Tigiraay diiguuf kan kaayyefatedha haa jedhamu iyyuu malee,, baayyoliin, keessumaa qarooowwan siyaasaa Amaaraa olaantummaan Tigiraay kan Oromootiin bakka buufameera jedhu (Tezera, 2021). Hubannoon akkanaa kunis mormii marsaa biraa kan ammallee biyyattii raasaa jiru uumuuf sababa ta'e.

Akka gabaasa Heereefi waa'illan isaatti, Herre et. al. (2023, lolli bara 2012-2014'tti Tigiraayi keessatti ta'e kun lola Duguuggaa Sanyii Ruwaandaa keessatti raawwatetti aansee addunyaa kana irratti lola lubbuu namoota baay'ee galaafate keessatti ramadama. Hooggansi Tigiraay lolicha akka lola federaalizimii badiirraa baraaruuuf godhameetti haa dhiyeessan iyyuu malee, yaaddoo dhokataa humnoonni Amaaraa deebi'anii ka'uu malu jedhus of keessaa qaba.

Walitti bu'iinsi Tigiraayitti uumamee ture akkuma xumura argateen, bara 2015 dhalattootni Amaaraa so-daa mootummaan ol aantummaa Oromoon hoogganamu isaan keessatti uume irraan kan ka'e qabsoo hidhannoo biraatti seenani. Yeroo kanatti, wal dhibdee kan uume yeroo sanatti bu'uura dirree siyaasaa kan ture, wantoota lameen akka madda gidiraa uummata Amaaraatti fudhataman, heera biyyattiifi caaseffama federaalizimii sabummaa irratti ture. Sababii walitti bu'iinsota walitti fufiinsaan uumaman kanaaf daandiiwwan sadiitu uumame. Inni jalqabaa jijjiirama bulchiinsaa Federaalizimii bu'uureffate taasisuu ; inni lammaffaan, sirna federaalizimii ammaa jiru keessatti rakkoowwan akka furamaniif mootummaa gidduu galeessaa laaffataa ta'e uumuu yeroo ta'u, inni sadaffaan federaalizimii sabummaa diiguufi mootummaa gidduu galeessaa cimaa ta'e uumuudha. Ta'us garuu daandiiwwan sadanuu sirna ittiin bulmaataa jijjiiruu ykn itti fufsiisuu qofa irratti kan xiyyeeffatanidha.



Haa ta’u malee, adeemsonni akkanaa kun sirna bulchiinsaa qofa akka rakkootti waan ilaalaniif sababoo-ta murteessoo ta’an kanneen biroo hin qalbeeffatani. Seenaan keenya akka agarsiisutti, sirni bulchiinsa nam-tokkee duratti tures ta’e kan federaalizimii sabummaa amma jiruu gaaga’ama ol aantummaa sabummaan uumamuu malu hir’isuu hin dandeenye.

Kunis geengoo ol aantummaa sabummaa kan caaseffamaafi sirna mootummaa tokkoo jijjiiruun garee wayyabaa tokko garee wayyabaa biraadhaan bakka buusuu qofaaf haala mijeessuu keessatti ta’e keessatti kufuu keenya kan agarsiisuudha. Kanaaf, sirnaafi caaseffama mootummaa jijjiiruu irratti xiyyeeffachuun alatti filannoo biraa barbaaduun murteessaadha.

### **Gamaaggama Bulchiinsaa: Shoora Haaromsii Sirna Ol Aantummaa Sabummaa Cabsuu Keessatti Qabu**

Dheebuu Itoophiyaanotni wal qixxummaafi bakka bu’iinsa madaalawaaf qaban guutuuf, waraqaan kun yaada furmaataa kallattii lama qabu dhiyeessa. Kunis dimokraasii barbaachisummaa dimokiraasii diriirsuun qabu haala ilaalcha keessa galcheen, sirna filannoo makoo ta’e hordofuun gara sirna pirezidaantummaa gamtokkeetti cehuudha.

### **Sirna Makaa Ministira Muummee-fi-Pirezidaantii Ta’een Tokkummaafi Dagaagina Itoophiyaa Diriirsuu**

Wixineen kun sirna pirezidaantummaa gamtokkee kan keessatti Pirezidaantiin mana mariitiin alatti filannoo kallattiitiin filatamuufi kaabinootni mana maree qofaan aangoo irraa kaafamuu danda’anii (Sedelius and Linde, 2018) deggeruun, qaama raawwachiistuu dursaa lama qabu fayyadama. SirnichisPirezidaantii filannoo kallattiin sagalee wayyabaan filatamu, ministira muummeefi kaabinoota itti gaafatamni isaanii kallattiin mana marii bakka bu’oota uummataaf ta’e kan of keessatti hammatuudha. Pirezidaantiin filatames naannolee hundumaa keessaa deggersa qabaachuusaa mirkaneessuuf naannolee hundumaa irraa yoo xiqqaate deggersaa 20% argachuutu irra jiraata.

Sirni akkasii kunis faayidaalee armaan gaditti caqasaman kana qaba:

- **Itti fufiinsaafi Baratamummaa:** Sirni Pirezidaantummaa akka sirna Paarlaamentarii jijjiirama hunderraa ta’e kan fidu miti. Itoophiyaan kanaan dura baroota 1979 fi 1987 gidduutti sirna pirezidaantiin parlaamaadhaan itti filatamu hordoftu iyyuu, kanaa wajjin caaseffama wal fakkaatu qabdi turte (PDRE Constitution, 1987; Transitional Charter, 1991). Shaakalliin akkanaa kun seenaa keenya darbe keessa jiraachuun isaa hojiirra oolmaa isaa waan salphisuuf uummata duratti fudhatamummaa argamsiisuu ni danda’aa.
- **Seera qabeessummaafi Itti gaafatamummaa:** Pirezidaantiin kallattiin filatame ministira muummee ganda tokko ykn jaarmiyaa siyaasaa tokkoon filatame caalaa miira itti gaafatamummaafi ergama uummataa baachuu calaqqisiisa. Kunis, jaarmiyaa siyaasaa sagalee wayyabaa argate tokko qofaaf osoo hin taane, filattoota hundumaaf miira itti gaafatamummaa waan agarsiisuuf, tokkummaa biyyaalessaa ni cimisa (Getachew, 2017).
- **Hammatamummaa:** Filannoon pirezidaantummaa kallattiin taasifamu deggersa sabaafi sablammootaa waan barbaaduuf, ilaalchota garaa garaa hammachuun loogii sabummaa hir’isuun imaammata hammataa ta’e akka jiraatu taasisa. Kunis geengoo sirna sabummaa kan rakkoo siyaasaa Itoophiyaa ta’e keessaa bahuuf shoora guddaa qabaata (Getachew, 2017).
- **Qoodiinsa Aangoo Madaalawaaf:** Pirezidaantiin filannoo kallattiin muudame aangoo murteessaa qabaatus, filannoo al kallattiin kan filatame ministirri muummee qaama seera-baastuufi raawwachiistuu gidduutti akka riqicha gati jabeessaatti tajaajiluu danda’aa. Qoqqoodamiinsi aangoo akkasii kunis hojimaata madaalawaa akka jiraatu taasisa (Getachew, 2017; Walle, 2017).
- **Ol aantummaan Sabummaa akka hin Uumamne Taasisuuf:** Ol aantummaan sabummaa akka hin uumamne taasisuuf, iddoowwan hooggansaa ijoo ta’an lamaan (Pirezidaantiifi Ministirri Muummee) kaadhimamtoota sablammoota garaa garaa keessaa bahaniin qabatamuu akka qabu ni gorfama.

### **Danoomina Moosisuu: Itoophiyaatti Sirna Filannoo Makaa Hammatamummaa Caalmaaf**

Caaseffama sirna Federaaliizimii Itoophiyaa ammaa keessatti, hamma tokko qaama seera-baastuu keessatti bakka bu'iinsi sabootaafi naannolee madaalawaan haa jiraatu iyyuu malee, sirni filannoo ammaa kan-moo'e-hunda-fudhata (First-Past-the-Post- FPTP) kan ta'e kun hanqinoota mul'atoo ta'an ofii isaa qaba. Hanqinootni kunneenis hirmaannaa filattootaa gufachiisuun mogolee buusuun ol aantummaa jaarriyaa tokkoo kan hammeessaniidha.

Tokkoffaa, sirni kan-moo'e-hunda-fudhataa kun, kan sagaleen kaadhimamaa tokko qofaaf itti kennamu, sagaleen morkattootaa kennamu homaa bu'aa hin buusu jedhamee akka yaadamu taasisuun hirmaannaa filattootaa baay'ee gadi buusa. Kanaafis fakkeenya gaariin filannoo Itoophiyaa bara 2007 kan keessatti Paartiin biyya bulchaa ture, sagalee morkattootaa kenname hunda bishaanitti naquun, sadarkaa federaalaatti teessoo parlaamaa 100% to'ateeti. Filannoo kanaan, teessoo 23 bulchiinsaa magaalaa Finfinneetiif kenname keessaa, filattootni magaalattii 16% Samaayaawwii Paartii yeroo filatan, dhibbantaan 85 garuu kan filatan EPRDF ture. Garuu 100% kan mo'ate EPRDF ture. Gatii-dhabiinsi sagalee caalmaa hin argannee akkasii kunis filattootni bahanii akka hin filanneefi sagaleen isaaniis akka waan gatii hin qabneetti akka itti dhagahamu taasisa (Adem, 2015).

Lammaffaa, sirni filannoo kan-moo'e-hunda-fudhataa kun aangoon hunduu harka paartii biyya bulchuu akka galu gochuun ol aantummaa paartii tokkoo akka jajjabeessa. Kanarraa kan ka'es, sabni paartii biyya bulchu keessatti lakkoobsa wayyabaa qabu kallattumaan saba siyaasa biyyattii keessatti ol aantummaa qabu ta'uun adeemsa murtii dabarsuu irratti dhiibbaa ol aanaa ta'e uumuudhaan shoorri paarlaamaa shoorra maqumaaf achi taa'uutti akka gadi bu'u taasisa. Kunis bakka bu'iinsa gatii dhabsiisuun ol aantummaa sabummaa jajjabeessa (Eyob, n.d).

Wal hubannoon bara 2009 sirna filannoo kana fooyyessuuf paartii biyya bulchuufi paartilee morkattootaa gidduutti uumames hanqinoota kanneeniif beekkamtii kan kenne ture. Mariin geggeeffamaa tures reeshiyoo kan-moo'e-hunda-fudhataafi bakka bu'iinsi madaalawaan (proportional representation) ittiin walitti hidhaman irratti kan xiyyeeffate ture: 50:50 (kan morkattootni fedhan) irraa kaasee haga 90:10 (kan paartiin biyya bulchu fedhu)'tti kan jiru ta'ee, walii galteen dhuma makaa 80:20 irratti uumameera (Neamin, 2017). Haa ta'u malee, sababii jijjiirama mootummaa itti aanee dhufee irraan kan ka'e, walii galteen kun utuu hojiitti hin hiikamin hafuu danda'eera .

Sirni kunis hanqinoota muraasa qabaatus, faayidaawwan armaan gadii waan qabuuf deggertootota hora-chuu danda'eera.

- **Hammatamummaa:** Sirni filannoo makaan, paartilee hundaaf bakka bu'iinsa waan kennuuf (Gebremeskel, n.d), sabootni lakkoofsa uummataa gad aanaa ta'e qabanis bakka bu'iinsa isaaniif malu akka argatan godha. Kunis adeemsa keessa ol aantummaa paartii qeenxeeffii sabummaa cabsuu danda'a.
- **Daballii Hirmaannaa Filattootaa:** Tokkoon tokkoon sagalee kennamuu gatii hirmaannaa lammiilee kakaasuun filannoo dorgommiin dhugaan keessatti taasifamu waan uumuuf, dimokiraasiifi paartilee siyaasaa kan dagaagsu ta'a. Sagaleewwan Lafatti Badan Hir'isuuf: Adeemsichi hirmaannaa bal'aa waan jajjabeessuuf, kaadhimamtoota hin injifanneef sagaleewwan kennaman bakka bu'iinsa paartii isaaniif akka oolu taasifama (Gebremeskel, n.d).

Gabaabumatti, sirni filannoo kan-moo'e-hunda-fudhataa kun hirmaannaa dimokiraatawaa kan danqu ta'uufi walitti dhufiinsaa aango wal xaxaa ta'e kan uumudha. Gara sirna filannoo makaa 50:50 ta'eetti cehuunhammatamummaa dabaluu, hirmaannaa filattootaa ol kaasuufi ol aantummaa paartii qeenxeeffii sabummaa keessaa ittiin bahuuf furmaata kan ta'uudha.

### **Guduunfaa: Kutannoodhaan Sirna Ol Aantummaa Sabummaa Dhabamsiisuu**

Wixineen koo kan Itoophiyaan sirna pirezidaantummaa gamtokkeefi sirna filannoo makaa hordofuu qab-

di jedhu kun dirree marii siyaasaa Itoophiyaaf haaraa ta'uu baatu iyyuu, tarsiimoo hojiitti hiikamu danda'u kan qabaa ol aantummaa sabummaa keessaa ittiin bahamu garuu of keessaa ni qaba. Akkuma olitti ibsamee ture, pirezidaantiifi ministira muummee saboota gara garaa irraa ta'an, akkasumas yoo danda'ame jaarimiyaa garaa garaa irraa ta'an, qabaachuun aadaa qoqqoodiinsa aangoo ariifachiisuun, ol aantummaa sabummaa hambisuuniifi dimookraasiin akka ititu taasisuun walitti bu'iinsa sabootaa ni hir'isa.

Wanti murteessaan hanqatee jiru marii dabalataa osoo hin taane cichoomina dabalataa ittiin hojiirra ool-famu waan ta'eef, jijjiiramaa dhugaa fiduuf marii seera tumuufi raawwachiisuu irratti isaan kanaaf dursi kennamuu qaba. Kanaaf, qooda fudhatootni hunduu haaromsa armaan gadii dammaqinaan akka deggeraniif nan jajjabeessa:

- Pirezidaantii filannoo kallattiin muudame kan biyyattii tokkoomsuufi faayidaa waloo bakka bu'uuf hojjetu
- Sirna filannoo makaa ta'e kan sagaleen gartuuwwan bicuu dhagahamuu isaafi bakka bu'amuu isaa mirkaneessu

Filannoon haqa qabeessaafi dimokiraatawaa ta'e kutannoo nuti qabnu wajjin walitti ida'amee, fooyya'iinsi kunneen ol aantummaa sabummaa hambisuun Itoophiyaa ishee egeree hammatamummaafi wal qixxummaa gonfachiisuu danda'u.

## **Liidiyaa Yohaannis: Mirgoota Deeffachuu: Lammummaafi Garajabina Poolisii Itoophiyaa Keessatti**

Lammummaan, bitamummaan garasitti, mirgootni murtaawoon mootummaadhaan akka eegamaniifi raawwachiifaman waan agarsiisuudha. Garuu Itoophiyaa keessatti, sirna rippaabilikummaa kan sochii siyaasaa bara 1974'n dhalatee as, erguma sirni bulchiinsa gonfoo kufeen asi iyyuu, yaadrimeen lammummaa ammallee xobbeedha. Barruun kun bu'uurri rakkoo lammummaa kanaa gara jabina poolisii daangaa darbeefi adeemsa seeraa loogiiin guutame, kan darbee fudhatamummaa mootummaatti yaaddoo ta'eefi loltummaa jajjabeessaa jiruudha jedheetu sababeessa. Barruun kun qabxiilee xiyyeeffannoo sadii: Cabiinsa mirga qabeenya horachuu, Sarbama mirga lubbuun jiraachuufi gidirfamuu dhabuu, fi Adeemsa seeraa tirataafi loogii qabu- irratti xiyyeeffachuun, akkasumas muuxannoowwa seenaafi addunyaa irra jiran kaasuuudhaan rakkoo siyaasaa akkanaa kana hammam ariitiin furuun barbaachisaa akka ta'e agarsiisa.

Haala qabatamaa addunyaa ammaa keessatti, akka hariiroo bu'uuraa mootummaafi uummata biyya tokkoo gidduutti yaadrimeen bitamummaa (subjecthood) dhabama ta'eera. Seenaa keessatti ta'iiwwaniifi warraaqsothni [murteessoo ta'an kan jalqabaman](#) gaaffilee kallattiin daangaa aangoo mootummaa irratti kaafamaniini. Kunis darbee haala [qabatamaa](#) kan keessatti fudhatamummaan siyaasaa fedhinnaa uummataa irraa argamu uume. Fedhinnaan kunis caalmaatti kan wal qabatee jiru dirqamasaa haalaan bahachuu mootummaa wajjini. Dirqamoota kanneen keessaas toora duraa irra kan jiran lammiilee isaa tiksuu fi mirgoota bu'uuraa isaanii- mirga lubbuun jiraachuu, mirga gidirfamuu dhabuu, mirga qabeenya horachuufi mirga haqa argachuu- kabachiisuudha. Mirgootni kun bu'uuraa hiriirra uummataafi biyyaa, akkasumas ulaagaa ga'umsi mootummaa tokkoo ittiin madaalamuudha. Rakkoon lammummaas kan uumamu, akka muuxannoo seenaafi addunyaa irraa argamuutti, yeroo mootummootni dirqamoota kana bahachuu dadhaban, kan darbee miidhaa lammiileefi fudhatama dhabuu mootummaa dhalu, ta'uu isaati.

Mootummootni, hammam jabaatan iyyuu, fudhatamummaa dhabuu akka rakkoo salphaatti ilaaluu hin qabani. Gama kanaan, ta'iiwwan Ameerikaa keessaa kan Roodnii Kiingiifi Joorji Filooyid, ajjeechaa poolisii Firaansiin Naahel Merzuuk irratti raawwatame, kan Yunaayitid Kiingidam keessatti shoororkessummaatti shakkuun Jiin Charles di Menezes irratti raawwatame, namoota kudha shan yeroo weerara Koovid-19 poolisii Keeniyaatiin ajjeefamaniifi kanneen hafan biroo irraa uummata biratti fudhatamummaa

dhabuun hammam sodaachisaa akka ta'e barnoota fudhachuun ni danda'ama. Hariiroo gaariin mootummaafi lammiilee gidduudhaa dhabamuun deggersa mootummaan uummata irraa argatu hir'isa. Akkuma tilmaamamuu danda'u, mootummaan fedhii uummata isaaf deebii hin laanne deggersaafi fudhatamummaa xiqqaa argachuu mala; akkasumas miliyoonotaan dhangalaasanii barbaachisummaa gibira kaffaluu irratti beeksisa hojjechuu irra, mootummaan maqaa ofii tolfachuudhaan kara salphaa ta'e deggersa uummata irraa argatu ol kaafachuu danda'a. Qorannoowwan tokko tokkos amantaan uummatni [dhaabbilee haqaa irratti qabu](#), yakka ittisuufi hawaasa nagayaa uumuu keessatti sababa ol aanaa akka ta'e ni agarsiisu. Dhuma irratti, haala qabatamaa ammayyaa walitti-hidhataa kana keessatti, fudhatamni mootummaan mootummoota biyyoota biroo biratti qabu akka safartuu humnaatti fudhatama. Akka seenaan addunyaa addeessutti, mootummaan yeroo dheeraaf mirga namoomaaf bakka hin laanne, mootummoota biyyoota biroo irraa tasumaa kabaja hin argatu. Kanaaf, agarsiifotni hamma mootummaan tokko uummata isaa biratti fudhatama qabu agarsiisan, safartuu bakka mootummichi akka addunyaatti dhaabatee jiruuti.

Haalli Itoophiyaas gama [mootummaatiin dhimma-dhabdummaan](#) hammi tokko akka jiru kan agarsiisuudha. Yeroo sochii barattootaatti, ajjeechaaniifi hidhaan namoota murteessoo irratti raawwatame, keessumaa duuti [dhokataan Xilaahun Gizaawu](#) irra gahe ibidda hamaa qabsiise- gama sosochii sanaaf humna addaa kennuufi uummata bal'aa biratti fudhatama akka argatu taasisuutiin jechuudha. Qabsoo aarsaan dhiigaa guddaan itti kaffalamee rippaabilika Itoophiyaa dhale kana booda, aadaan mootummaa uummata isaaf bu'a qabeessa ta'e uumuu ammallee hojiitti hiikamuu dadhabuun isaa nama gaddisiisa. Dhugaa dubbachuuf, rakkooleen tokko tokko bara sanaa kaasanii hamma har'aatti darbanii kan jiran yooma ta'e illee, lammiilee biraa aarii wal fakkaataa argaa hin jirru. Kanuma uummatni 'Harka laatee' jiru kana biraa illee, mootummaan ammoo 'nama fooyyee qabu' ta'ee kaka'umsa ofii isaa fudhatee mirgoota bu'uuraa kana eegsisuu dhabuun isaa ammoo laphee nama cabsa.

Aangootti dhufuu sirna ammaafi saaxila dhiittaa mirga namoomaa bakkoota akka [Maa'ikelaawwiitti](#) raawwachaa turee, akkasumas waadaa dhaabbilee haqaa haaromsuf galameen wal qabatee, adeemsa seera eegsisuu irratti haaromsi ni taasifama abdiid jedhutu ture. Haala nama gaddisiisuun garuu, gama kanaan jijjiiramni godhame tokkoyyuu hin jiru; sirumaa wantootni waan caalaatti babbadan fakkaatu. Fakkeenyaaf, walabummaa miidiyaa [Itoophiyaa kan baroota](#) 2020, 2022, fi 2023 wal bira qabnee gaafa illaalu, biyyoota 180 keessaa gulantaa 99<sup>ffaa</sup> irraa gara 114<sup>ffaa</sup>, achii ammoo gara 130<sup>ffaa</sup> duraa duubaan gadi bu'aa dhufuu isaa argina. Haaluma wal fakkaatun, lakkoofsi falmitoota mirga namoomaa '[butaman](#)' ammoo bara 2020 keessa 27, bara 2021 keessa 30, bara 2022 keessa 37, akkasumas bara 2023 keessa 48 jechaa dabalaa dhufeera. Haa ta'u malee, wanti haaraan jiru tokko yaalii dhimma kana dhimma sabummaa waliin walitti hidhuuti- dubbii nama gaddisiisuufi soba ta'e jechuudha. Sabummaan isaanii osoo ilaalcha keessa hin galfamin, mormii qaban waan ibsataniif qofa [namootni butumaafi gidirfamaa](#) jiru. Warroota shakkaniif, armaan gaditti tarreeffama maqaa namoota yaada isaanii waan ibsataniif loogii sabummaa tokko malee doorsisni irratti raawwatamee kan ifatti beekaman ilaaluu dandeenya; ta'iiwwan irra deddeebiin raawwataman kan namootni bebbeekamoon akka waloo Belaay Beqqelee Weyyaa, Jawaar Mohaammad, Iskindir Naggaafi kanneen biroo ibsa dabalataa tokko malee yeroof dhabamanii turaniin jalqabuu dandeenya. Achii dubbii gaazexessaa Yegnaa Miidiyaa kan ta'e Nigusee Birhaanuu, kan yeroof butamee, reebameefi gidirfamee achii booda deebifamee, kan poolisootaan butamee reebamuufi achii [booda deebifamuu barsiisaa](#) seenaafi rogeessa Taayyee Borkenna jedhamuus ilaaluu dandeenya. Dhuma irrattis dubbiin gaazexessaa buleessa Temesgeen Dessaaleny, kan sababa waa'ee raayyaa ittisaa barreesseef qofa ji'oota 5'f hidhamee fakkeenya gaarii ta'ee kaafamuu danda'a.

Sodaan kun namoota dhimmicha keessa jiran irratti qofa osoo hin taane qabeenya isaanii irratti illee kan qaqqabuudha. Poolisootni qabeenya namoota yakkaan shakkamanii to'achuu isaaniifi eega namichi bilisa jedhamee gadi dhiifameen booda qabeenya to'atan sana namichaaf deebisuu keessatti tumsa gochuu dhabuu isaaniif fakkeenya hedduu tarreessuun ni danda'ama. Kunis yeroo baay'ee qabeenyi to'atame sun qaamolee seeraa sanaan waan qoqqooddatamuuf ykn sababii dhimma-dhabdummaa isaanii irraa kan ka'e waan baduufi. Poolisoonnis hamma uummata tiksuu, meeshaa uummatni ittiin miidhamu ta'anii-ru. Qaamni hawaasaa silumaa rakkoof dhiyoo ta'e, haala ittuu hammaataa ta'e keessatti kufe. Sababii

qaamotni seera eegsisan iddoo baay'eetti kan isaan kabajan waan tokko qofa- qarshii- ta'eefi wanticha ammoo uummatni hin qabneef, mirgootni sadarkaa meeshaa gurgurtaatti gadi bu'aniiru; gatiin isaaniis amma sadarkaa namuu bitachuu hin dandeenyetti ariitiidhaan qaala'eera.

Kan caalaatti garaa nama booressu ammoo, dhimmi kun yeroo wantoota biroo kanneen akka namootni utuu fuula seeraatti hin dhiyaatin waggootaaf mana hidhaa keessa tursiifamuu wajjin wal bira qabamee gaafa ilaalamu inni kun waan salphaa ta'ee mul'achuu isaati; seerri sa'a 48 'Heebus Koorpas' akka yaadaatti malee akka seeraatti hin ilaalamu. "Harka poolisii si hin buusin, harka isaanii seennaan karaan bahan hin jiru" kan jedhu waan namni Itoophiyaa keessatti yeroo to'atamuu nama tokkoo dhagahu garaa isaatti yaaduudha. Egaa mootummaan dhugaatti lammiilee isaa tajaajilaa jiraa? Hariiroon akkanaa kunis hariiroo wabii ta'uufii caalaa shororkaa hin ta'uu, yeroo namni tokko calluma jedhamee daandii irraa butamee yak-kuma xiqqoo tokkoof yeroo hammaasaa Rabbi duwwaan beekuuf mana hidhaatti darbatamu? Mirgootni keenya, warri nuti bakka isaanii mootummaan 'eegumsa' akka nuuf taasisuuf dabarsinee kennineef eessa jiru? Haala akkasii keessatti, hiikti lammummaa keenyaas maali? Ammallee haala nama gaddisiisuu, dhimmooti kun lamaan ajjeechaa poolisii wajjin gaafa wal bira qabamu xiqqaa ta'ee mul'ata. Itoophiyaa keessatti dargaggootni yakka to'annaa jala nama oolchuuf illee gahaa hintaane waan hojjetaniif poolisiidhaan ajjeefamaniiru. Inni kun keessumattuu naannoo wal dhibdeen jiru, bakka gochi akkasii itti "sirriidha" jedhamutti ifatti mul'ata. Taateen dhiyooma kana Ambootti ta'e, kan poolisiin saatii malee daandii irratti baate jedhee mucaa waggaa 4 irratti dhukaasee ajjeese sabaahimaalee hawaasummaa irra baay'ee naanna'aa tureera. Ajjeechaa lammiilee biroo dabalatee, kan yaalii magaalaa Amboo deebisanii to'achuu humnoota federaalaan taasifame keessatti mucaan waggaa 13 humnoota federaalaan ajjeefameefi sagaleen loltuu "[Lubbuu keessaa baasi](#)" jedhee nama silumaa madaahee jiru irratti tarkaanfii dabalataa akka fudhatuuf utuu loltuu biraa kakaasuu dhagahames jira.

Kun haala gaddisiisaa ammatti keessa jirru ta'us, furmaata hin qabu jedhee garuu hin amanu. Furmaatni guddaan kan jiru dhimma kana baqachuu irra ykn bareechuu irra fuulaan itti bahuu keessa. Yaadiddamni warraaqsa wal irraa hin citnee kan Maa'oo Zi Doong, kan mootummaafi lammiileen warraaqsa akka addaan hin kutneefi warraaqsiichi akka du'u akka hin taasifneef waamicha taasisu asitti ni fayyada. Mootummaan fedhii uummataa jijjiiramaa deemu faana deemuuf walitti fufiinsaan imaammatoota isaa akka madaaluufi fooyyessu, akkasumas uummatnis akkaatuma galumsaafi fedhii biyyattiitti- irra deddeebiin fedhii isaa boca qabsiifachaafi ibsachaa- warraaqsa isaa adeemsisuu akka itti fufu gaafata. Rakkoon lammummaa kun rakkoo warraaqsa Itoophiyaa waggaa 50'mman dhufaniif boca qabsiisuu danda'u dhalu ta'a jedheen amana. Kana galmaan gahuufis, mootummaa irraa fedhinnaan siyaasaa jabaa ta'eefi hubannaan balaa fudhatummaa dhabuun fiduu qabaachuun, hayyoota irraas hooggansi beekumsa irratti hundaa'e, akkasumas uummata biraa fedhinnaan callisa isaanii futtaafachuu jiraachuu qaba.

### **Guduunfaa**

Gara jabinni poolisiifi loogummaan adeemsa seeraa keessa jiru Itoophiyaa keessatti waan baratame ta'eera, dhugaa jibbisiisaa ta'es uumeera. Haa ta'u malee, Maa'oon lammiileen calluma jedhanii dhiitama akkasii fudhachuu akka hinqabne gorsa. Jechamni "samiin hin qotamu, mootiin hin himatamu" jedhu tokko waan Itoophiyaanonni irra jireessi siyaasa ilaalchisee keessa isaaniitti yaadan kan haammatuudha. Callisni uummataafi mootummaan tajaajiluuf malee tajaajilamuuf akka hin teenye wal'aaluun isaanii baay'ee na madeessa. Fedhiin koos uummatni kun akka boquu isaa ol qabatuufi dhiitama gosa kamii iyyuu akka diduudha. Haala nama gaddisiisuu garuu, ykn hubannoo waloo dhabne, ykn ammoo hubannoo waloo fiduun dhamaatii guddaa nu barbaachisa ta'a. Dhimmi kun biyyoota hin guddanne keessatti dhimma hunda caalaa ariifachiisaa ta'e ta'uu baatu iyyuu, dhimmicha garuu dhimma hojii seera eegsisuu kamuu keessatti mudachuu danda'uudha jedhanii cinaatti dhiisanii darbuuniifi yeroo kanarra mijataa ta'e eegnee irratti hojjenna jedhanii yaaduun faalaasii ta'a. Amma caalaa yeroon mijataa ta'e hinjiru. Qaamni mootummaa seera-raawwachiistuu ta'e qaama lammiilee isaatiin akka sodaatti ilaalamu ta'uuma hinqabu. Har'a, seenaa Sochii Barattoota Itoophiyaan dalagame keessa dhaabannee, 'haala Itoophiyaa ammaa' tole jennee fudhachuun isaaniin ganuu ta'a. Boriif Itoophiyaa wayyitu ijaaruuf, warraaqsi haala Itoophiyaan amma keessa jirtu madaalu barbaachisaadha; akkasumas dararamni har'aa darbee dhaloota borii akka

hin boossisne mirkaneessuu qabna. Hooggantootni Warraaqsa Barattoota Itoophiyaa “Lafti qoteebulaaf” jedhaniiru; amma ammoo dabareen mirgi abbaa mirgaatiif akka galuuf hiriiruu kan keenya. Egaa, akka barattuu Seeraa waggaa shanaffaatti, kun mul’ata kooti- biyya mirga lammiilee ishee deebisuuf warraaqsa akkanaatiin bocamte arguun.

## Messeluu Birillee: Itoophiyaatti Mirga Abbaa Lafummaafi Misooma Qonnaa

Itoophiyaanota baay’eedhaaf qonni wabii jirenyaati. Qonni haadha warraa, abbaa warraa, dargaggootaafi daa’imman miliyoonotaaf wabii lubbuu, dinagdee biyya keenyaaf ammoo lafee dugdaa ta’uunsaa ni beekama. Itoophiyaanis hojii qonnaaf kan kennamte biyya baroota lakkoofsifteedha. Lafa babal’aa qonnaaf ta’u, lageen garaa garaa, haala teessuma lafaa gosa hedduufi qilleensa mijataa ta’e qabaachuun ishee midhaan gosa gara garaa oomishuu ishee dandeessisa. Uummatni ishee 80% ta’us qonnaan bulaa muuxannoo waggaa kuma 3 qabuudha. Qonnis madda midhaan nyaataa, galiifi carraa hojii uumu ta’ee tajaajiluu irratti argama. Odeeffannoon yeroo dhiyoo akka agarsiisutti, oomisha biyyi keenya gara alaatti ergitu keessaa dhibbantaan 77 oomisha qonnaati. Jiraachuun uummataafi mootummaa keenyaas kan bu’uureffame qonna irratti ta’uunsaa dhugaadha.

Haa ta’uutii garuu, seektarri qonnaa biyya keenyaa rakkoo gara garaatiin kan xaxame ta’uunsaa dhugaa namni hundi itti walii galuudha. Waggoota soddoman darbaniif galteewwaan gara garaa fayyadamuun oomishaafi oomishtummaa guddisuuf tattaaffiin taasifamu iyyuu, uummata lakkoofsi isaa sadarkaa ol aanaadhaan dabalaa dhufe kanaaf wabii midhaan nyaataa mirkaneessuufiin hin dadna’amne. Guddina indastirii qonnaan durfamu jedhamuun kan beekamu imaamatni qonnaa bara 1994 yeroo bocamu, yaadama guddinni qonnaa riqicha gama dinagdee indastiriitti ceesisu ta’a jedhu bu’uureffatee ture. Kana jechuunis, qonna beekumsa saayinsiifi teeknoolojii ammayyaatiin utubuun, tooftaafi beekumsa hooggansaa gabbisuun, oomishaafi oomishtummaa sadarkaa ol aanaa ta’een guddisuu kan kaayyeffate ture. Qonni saayinsiifi teeknoolojiin deggeramee gara mekaanaayizeeshiniitti gaafa cehu, oomishaafi oomishtummaa dabaluu qofa osoo hin taane humna nama hojii qonnaa irratti bobba’uu illee baay’ee hir’isa. Sababa kanaan humna namaafi qabeenyaa irraa hafaatu uumama. Kana jechuunis, qonna mekaanaayizdii ta’e geggeessuudhaan qonnaan bultoonni muraasni dhiyeessii nyaataa irra jireessa uummata biyyattii mirkaneessuu danda’u. Sababa kanaan qonnaan bulaan biyyattii baay’een qonna keessaa bahee magaalaatti galuun warshaawwan keessatti miindeffamee hojjechuu jalqaba. Haalli kunis, hojjetaan meeshaalee dhumatoofi tajaajiloota gara garaaf fedhii inni qabu akka dabaluu taasisuu, qonni mekaanaayizdii ta’e babal’achuufi sanaafis kan oolan maashinerootni gurguddoon dabalumu wajjin walitti ida’amee, warshaawwan galteewwan kanneen oomishan akka baay’ataniifi investimentiin kallattii sanaan taasifamu akka jajjabaatu taasisuun guddina dinagdee ol aanaa fida. Kanaafis jaarraa 18<sup>ffaa</sup> keessa guddina oomishtummaa qonnaa ol aanaa biyya Ingilaanditti galmeeffame akka fakkeenyaatti caqasuun ni dada’ama. Ta’us garuu qonnichi galii maddisiisuun haa turuutii, uummatuma illee sooruu eega dadhabe bubbuleera. Oomishaafi oomishtummaan qonnaa hamma barbaachisu dabaluu dhabuu isaaf, fedhii nyaataafi galtee warshaawwanii guutuu dhabuu isaaf hayyootni qorannoofi guduunfaa ofii ofii isaanii ni kaa’u. Anis dhimma kana irratti ilaalchaafi hubannoo mataa kootii akka kanatti aanee jiruttan dhiyeessa.

Yeroon isaa yeroo jijjiiramaa bara 1660’ootaa ture. Jijjiiramicha kan hooggananiifi humna jijjiiramichaa kan turan dargaggootni, keessumaa barattootni yuunivarsiitii adda duree turan. Egaa waqtii jijjiiramaa sanatti gaaffilee turan keessaa tokkoofi inni guddaan gaaffii mirga abbummaa lafaa ture. Abbootii lafaa muraasaan hachuucamaa jiraachuun uummata bal’aafi harka qalleeyyii haa dhaabbatuuf jecha qabsoon finiinfame. Gaaffiin mirga abbummaa lafaa kun warraaqsa bara 1960 dhoheef raacitii guddaadha yoo jennee arbeessuu hin ta’u. Dargiin akkuma aangoo qabateen gaaffii barattootaa “Lafti qonnaan bulaaf” jedhu deebisuuf walii gale. Guraandhala 25, 1967 labsii baheen lafti kan qonnaan bulaa ta’uusaa seerri tumame. Haa ta’u malee, gaaffiin lafti qonnaan bulaaf jedhu sun guutmaa guutuutti deebi’eera jechuun hindan-

da'amu. Gaaffiin lafti qonnaan bulaaf jedhu abbaa qabeenyummaa qonnaan bulaa kan ilaallatudha. Dargiin fiwudaalota irraa fuudhee qonnaan bulaaf laadheera haa jedhu iyyuu malee, qonnaan bulaan lafa sana argachuuf karaa ta'e wayii gurmaa'ee dhufuutu irra ture. Waan kana ta'eef, kara al kallattiin ammas lafti kan mootummaa ta'uu irra hin dabarre. Walumaa galatti, labsichi lafa baay'ee warra qaban irraa fuuchuu irratti malee qonnaan bulaaf dabarsee kennuu irratti baay'ee hin hojjenne; qonnaan bulaadhaafis wabii abbaa qabeenyummaa lafaa mirkanaa'ee kennuu hin dandeenye falmii jedhutu irratti ka'a. Mootummaan Dargii lafa qabatee waggaa 17 eega tureen booda ADWU'n aangoo qabate. Heerri bara 1987 tumame, lafti baadiyyaas ta'e magaalaa, akkasumas qabeenyi uumamaa abbummaan isaa kan mootummaafi uummataa qofa jedheetu lafa kaa'a. Lafti kan hin gurgaramneefi hin jijjiiramne qabeenya waloo sabaafi sablammoota Itoophiyaati jedheetu tuma. Heerri kun, abbaan qabeenyaa lafa baadiyyaa harka isaa jiru jijjiiruus ta'e gurguruu akka hin dandeenye ifatti kaa'eera. Mangistuu Hayilemaaramis ta'e Mallas Zeenaawwiin, lafti kan uummataafi mootummaati jedhamuu isaa qofaan qonnaan bulaa abbaa lafaa taasifneerra jedhan iyyuu, hooggantootni lameenuu lafa qonnaan bulaaf laanneerra kan jedhan deggersa siyaasaa argachuuf akka ta'e baay'een itti waliif galu. Adeemsi kun qonnaan bulaa guutummaatti abbaa lafaa (mirga gurguruufi jijjiiruu wajjin) taasisuu dhabuu isaa irratti dabalataan, guddina gama qonnaan jiru irratti hudhaa guddicha ta'ee itti fufeera. Armaan gaditti, qonnaan bulaan mirga lafa isaa gurguruufi jijjiiruu dhowwatamuun guddina gama qonnaatiin jiru irratti dhiibbaa inni qaqqabsiise qabxiilee falmii afur kaasuunan akka itti aanutti dhiyeessa.

Inni jalqabaa, qonnaan bulaan qonna irratti milkaa'uu dadhabe ykn fedhii dhabe lafa isaa gurguree kaappitaala argatuun hojii fedhii isaa ta'eetti ykn ittan milkaa'a jedhee yaaduutti akka hin seenne isa dhorkuu isaati. Kunis, qonnaan bulaan tokko hammam hojii qonnaatti milkaa'uu dadhabu iyyuu ykn fedha hojjechuu dhabu iyyuu, hojii biraa irratti bobba'uuf ka'umsa waan isaaf ta'u kaappitaala waan hin qabaanneef, umurii isaa guutuu jireenya qonnaan bulaa harkaa gara afaanii ta'e keessa akka jiraatuuf isa dirqisiisa. Kuni immoo oomishtummaa damee qonnaa kan gadi buusu qofa osoo hin taane, dameewwan dinagdee biroos kan quucarsu ta'a. Gama biraatiin lafa muraasa jirtu haalaan qotee oomisha gaarii irraa argachuu qonnaan bulaan danda'u waggaa waggaan oomisha qonna irraa argatu gurguratee qabeenya xiqqoo horachuu danda'a. Kana malees, qotee bulichi damee qonnaa irratti milkaa'inaafi gammachuu yoo qabaate, qabeenya xiqqoo horate kanaan lafa dabalataa bitatee qonna isaa babal'see hojjechuuf fedhii qabaachuu danda'a. Ta'us garuu, imaammatni lafaa biyyattii kana waan hin heyyanneef, fedhii qotee bulichi hojii qonnaa babal'isuuf, oomishaafi oomishtummaa dabaluu qabu jalaa daangessuun qonnaan buloota ciccimoofi milkaa'oo ta'an lafa cittuu irratti daangessee isaan hambisa. Kunimmoo mirga qabeenya dabalataa horachuu qonnaan bulootaa irratti qofa osoo hin taane, damee qonnaa irrattis jijjiiramni ija guutu akka hin dhufne gufuu itti ta'a. As irratti abbaa koo akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama. Abbaan koo Birilleewu Abaatee jedhama. Qonnaan bulaa cimaadha. Waggoota digdamman darbaniif lafa isheema qabu hektaara lamaa irratti hojii qonnaa irratti bobba'ee jiraataa tureera. Ta'us garuu, carraa galteewwan qonnaa dabaluu uumeen alatti waggaa waggaan oomisha argatu irratti garaa garummaan ija nama guutu hin mul'atu. Ijoollee ta'ee wanti baay'ee na dhibaa tures kanuma ture; waggaa guutuu jabaannee hojjennee oomisha argannu irratti garuu jijjiirama fiduu hin dandeenye. Abbaan koo hammam cimaafi ogummicha nama jaalatu ta'u iyyuu, imaammatni biyya keenyaa garuu qabeenya xiqqoo horateen lafa dabalataa bitatee qonna isaa akka babal'ifatuufi oomisha isaa akka guddifatu hin heyyanneef. Sababuma kanaanis, oomisha waggaa waggaan argatu irratti jijjiiramni kana jedhamu osoo hin uumamin barootni lakkaawamaniiru.

Gama biraatiin, imaammatni lafaa mirga lafa ofii gurguruufi jijjiiruu qonnaan bulaa yoo gonfachiisee, hojii qonnaatiin qonnaan bulaan milkaa'uu dadhabe lafa isaa gurguratee kaappitaala argatuun damee caalmaatti itti milkaa'uun danda'a jedhu irratti (damee indastirii ykn tajaajilaa irratti) hiriiruun jireenya isaa jijjiira; guddina dinagdee biyyattiifis shoora isaa bahata. Damee qonnaa irratti gammachuufi milkaa'ina kan qabu ammoo qabeenya qabuun qabiyyee lafa isaa babal'ifatee oomisha caalu argata. Kunis oomishaafi oomishtummaa damee qonnaa guddisuun, tajaajila wabii midhaan nyaataa mirkanneessuufi sharafa biyya alaa argamsiisuuf oola. Gama biraatiin, lafti akka gurguramuufi jijjiiramu heyyamamuu hin qabu qaamotni jedhan yaada falmii sadii kaasu. Tokkoffaa, lafti haa gurguramu, haa jijjiiramu jedhamee yoo

heyamame qonnaan bulaan lafa isaa gurguree magaalatti godaana sodaa jedhu kaasu. Kunis godaansa kan hammeessuufi lakkoobsa hoji dhabdootaa kan ol kaasu ta'a jedhanii falmu. Yaadi falmii isaanii inni lammataa ammoo, biyyoota guddina irra jiran akka Itoophiyaafi bu'uuraaleen misoomaa bakkoota itti hin babal'annetti lafti kan namoota dhuunfaa ta'uun isaa, namootni dhuunfaa maallaqa guddaa waan gaafataniif, bu'uuraalee misoomaa kana diriirsuun baasii guddaa kan gaafatu akka ta'uufi hojiin isaas lafarra akka harkifatu kan taasisuudha kan jedhuudha. Sababni sadaffaan lafa gurgruufi jijjiiruun akka hin jiraanne taasifameef, keessumaa biyya keenyatti, irra jireessi qonnaan bulaa harka qalleessa waan ta'eef xiqqoo gaafa rakkatu ni gurgura, kanaanis lafti harka namoota dhuunfaa keessatti kuufamuun gara sirna abbaa lafummaa dhiisnee dhufneetti nu deebisa jedhu. Kanaafis, qonnaan bulaa eeguufi deemee deemee sirna abbaa-lafummaa uumamuu malu qolachuuf lafti qabeenya hin jijjiiramneefi hin gurguramne ta'uu qaba jedhanii amanu. Lafti haa jijjiiramus haa gurguramus jedhamee yoo heyamame qonnaan bulaan lafa isaa gurguree magaalatti godaana yaadi jedhu yaada madaala kaasu miti. Sababni isaas qonni akkuma ogummaawwan biroo kamuu tattaaffiifi dandeettii kan barbaadu waan ta'eef, gama kanaan milkaa'uu namni dadhabe, lafa isaa gurguratee magaalatti yeroo galu ni baasu jedhamanii dameewwan hojii qorannoon mirkaana'an irratti akka bobbo'uuf ykn filannoo hojii biraa akka argatuuf deggersa taasisuudha malee mirga abbummaa lafaa irraa mulquun waan nama amasiisu miti. Yaadni falmii bu'uuraaleen misoomaa bakkoota itti hin babal'annetti lafti kan namoota dhuunfaa yoo ta'e bu'uuraalee misoomaa kana babal'isuuf namootni dhuunfaa maallaqa guddaa gaafachuu danda'u jedhus hagas mara kan adeemsisu miti. Sababni isaas sodaawwan akkasii seerota dirqisiisoo ta'an baasuun, imaammata lafaa wajjin walitti hidhuun bifa salphaa ta'een hambisuun waan danda'amuufi. Yaaadni falmii lafti akka gurguramu yoo heyamame sirni abbaa lafummaa ni deebi'a jedhus kan madaala kaasu miti. Sababni isaas, qotee bultoonni tokko tokko lafa baay'ee bituun dureessa lafaa waan ta'aniifi inni lafa isaa gurgure ammoo isaan kanaaf hojii oolmaa waan hojjetuuf sirna abbaa lafaatu deebi'a jechuu miti. Maal iyyuu caalaa garuu qonnaan bultoonni dureessa ta'aa dhufan qonnaan buloota qabeenya giddu galeessa ykn xiqqaa ta'e qaban lafa isaanii irratti hojjechiifachuu jalqabuun isaanii agarsiiftuu sirna kaappitaaliziimiiti. Haqni hamma jirutti wal caalmaan qabeenyaa sirna kaappitaaliizimii keessa jiru biyya miidhuu hin danda'u. Sirna fiwudaaliizimii keessatti gabbaariin deggersa seeraa tokko illee hin qabu. Fiwudaalichi seeraan oli. Amma garuu dureessi lafaa yoo uumame dureessichi seeraa ol akka hin taane mootummaan jira. Hojjetoota miindessuufis gatii dadhabbii isaaniif waan malu kaffaluufiifi mirga isaanii eeguuf ni dirqisiifama. Kana waan ta'eefis, dureessi lafaa uumamuun Itoophiyaa gara sirna abba lafummaatti hin deebisu. Yoo baay'ate akkuman jedhe ol aantummaan seeraa waan jiruufi mootummaas dirqamni seera kabachiisuu waan irra jiruuf kun hin uumamu. Caalmaatti mootummaan kan inni of eeggachuu qabu haqummaa gatii humna namaa qorachuufi mirgoota namoomaa kabachiisuu irratti. Kun yoo ta'e, dureessoti lafaa uumamuun Itoophiyaa gara sirna abbaa lafaatti hin deebisu.

Rakkoon inni lammaffaan ammoo uummatni keenya irra jireessi jireenyi isaa qonnatti akka daangef-famu taasisuu isaati. Itoophiyaa keessatti uummatni dhibbantaa 80 baadiyyaa biyyattii keessa kan jiraatu yeroo ta'u, uummatni magaalaa keessa jiraatu ammoo dhibbantaa 20 qofa. Baadiyyaa kan jiraatan qotee bultoonni dhibbantaa 80 ta'an, uummata dhibbantaa 20 magaalaa jiraatu sooruu hin dandeenye. Ameerikaatti garuu qonnaan bultoonni uummata dhibbantaa 2 ta'an qofa. Uummatni inni hafe hojii damee qonnaan ala ta'e irratti kan bobba'edha. Qonnaan bultoonni warri dhibbantaa lama qofa ta'an kun uummata warra hafe warra dhibbantaa 98 soorarii, quubsanii, gargaarsaaf gabaa alaatiif kan oolu illee darbanii oomishu. Ameerikaa qofatti osoo hin taane biyyoota guddatan biroottis, wabii midhaan nyaataa guutummaa uummata biyya isaanii mirkaneessanii, gabaa biyya alaatiifis oomisha dhiyaatu kan oomishan qonnaan buloota lakkoofsi isaanii baay'ee xiqqoo ta'eedha. Kunis ta'uu kan danda'eef, faallaa biyya keenyaa qabiyyeen lafaa qonnaan bulaa isaanii baay'ee bal'aa waan ta'eefidha. Qotee bultoonni muraasni kun abbaa qabiyyee lafa baay'ee babal'aati. Biyya keenyatti garuu qotee bultoonni baay'ee ta'anii qabiyyeen lafa isaanii garuu baay'ee gad aanaafi walitti hidhataa kan hintaaneedha. Qotee bultoonni lafa babal'aa gaafa qabatan oomisha ol aanaa ta'e oomishuu danda'u. Kunis Economy of Scale'n akka uumamuuf ykn oomisha guddaa oomishuuf tokkoon tokkoon oomishaatiif galteen kopha kophaatti gumaachamu akka hir'atuuf fayyada. Tarkaanfiin mootummaan Dargii warraaqsiicha booda qabaa lafaa ilaalchisee fudhate (lafti qonnaan bulaaf) lafti baay'ee akka wal irraa ciccituuf karaa baneera. Sana booda lakkoofsi uummataas baay'ee dabalaa dhufuun wal irraa ciccituu lafaa kana ittuu hammeesseera. Imaammata lafaa biyya



keenyaas yoo ta'e, bittaaafi jijjiirraa lafaa kan jajjabeessu ta'uu dhabuu isaa irraan kan ka'e, lafti wal irraa ciccitaan qonnaan bulootaa hedduun qabamee jiru walitti sassaabamee harka qonnaan bulootaa milkaa'oo ta'an muraasaa akka hin seenne karaa cufeera. Kanaanis gama qonnaatiin Economy of Scale'n akka hin jiraanne gochuun, damee qonnaa kana baay'ee miidhaa jira.

Yaadni falmii koo inni sadaffaan, lakkoofsi uummataa baay'ee dabalaa dhufuu hordofee rakkoo lafa wal irraa ciccitoo ta'anii furuuf hojii hojjetamu ni daangessa kan jedhuudha. Qabaan lafa wal irraa ciccitoo ta'anii kunis qonnaan bulaan geengoo hiyyumaa (viscous Circle of Poverty) keessaa akka hin baane gochuufi qonnas galteewwan adda addaafi teeknoolojiidhaan utubee oomisha dabaluu akkasumas waggaa marsaa lama sadii oomishuudhaaf yaalii akka hin taasisne qofa osoo hin taane akka hin yaadne kan taasisuudha. Qonnaan bulaan ga'umsa isaatiin galteewwan qonnaafi bu'aalee teeknoolojii bitachuun, ogeeyyii qonnaas miindessee hojjisiisuu kan inni danda'u abbaa qabeenyaa lafa babal'aa yoo ta'e qofadha. Garuu lafa taakkuudhaan safaramtu hektaara tokko lama hin caalle qabatee wantoota armaan olitti caqasne kana yaaduu hin danda'u. Yoo yaades humna ittiin hojii irra oolchu hin qabaatu. Jalqaba qabeenyattii xiqqoo of harkaa qabuun lafa isaa akka bal'ifatuufi oomisha isaa akka guddifatu heyyamamuufii qaba. Sana booda qabiyyee isaas bal'ifachaa, cinattis teeknoolojiin wal baraafi hojii isaaf oolfachaa gara mekanaayizeeshiniitti ceha. Fakkeenyaaf, namni lafa hektaara lama qabu bishaan bool'aa qochisiisee qonna bonaa irratti hirmaachuuf fedhii hin qabaatu. Dhuunfaa isaatti ogeessa qonnaa miindessee qonna isaa saayinsiidhaan utubuuf hin yaadu. Maashineroota xixiqqoo hojii qonnaa ittiin hojjechuuf oolan bitachuuf humna isaa hin qabaatu. Yooma qabaate illee, lafa xinnoo qabu kanaafi waan achi irraa argamuun wal bira qabamee gaafa ilaalamu faayidaa gaalchaa waan argamsiisaniif miti. Qonnaan bulaan lafa bal'aa qabu garuu wantoota armaan olitti caqasne kanneen gochuuf hin rakkatu. Wantoota kana yoo hojjiirra oolche baasii inni itti baasu caalaa bu'aan inni isaaf argamsiisu ol aanaadha.

Rakkoon isaa inni guddichiifi araffaan ammoo rakkoo dinagdeeti. Bituufi gurguruun dhimmoota wiirtuu dinagdeeti. Isaan kun hin jiran taanaan gabaan hin jiru jechuudha. Gabaan yoo hin jiraanne ammoo guddinaafi kalaqa yaaduun hin danda'amu. Qonnaan bulootaa gidduutti gurguruufi jijjiiruun hin jiraatu jechuun gabaa jireenya qonnaan bulaa keessaa baasuudha. Dinagdee tokko keessatti seera fedhiifi dhiyeessi daangessu baasuun dinagdeen akka hin sochoonetti gaadi'uu mitii? Lafa Itoophiyaa gurguruufi jijjiiruu irraa dhowwuun, keessumaa biyya akka Itoophiyaa qonna irratti hirkattuu taate keessatti, maayikiroo ikoonomii irratti dhiibbaa ol aanaa ta'e geessisa. Dabalataanis, akka Heeraatti "lafti kan mootummaafi uummataati" jedhamu iyyuu, kaadireefi faddaalaan saamicha lafaatiin duroomaa akka jiran irra deddeebiin ni ka'a. Lafti kaayyoo yaadameef ooluu dhabuun isaafi cirumaa madda malaammaltummaafi qisaaseffamaa ta'uun isaa bal'inaan dubbatama. Qonni hojimaata lafaa rarra'aa ta'eefi seera wabii abbummaa hin kennine keessa lufee as gahe dinagdeetti dabalatee damee dinagdee beekumsaafi teeknoolojii harkisuu danda'u akka ta'u yoo barbaadame, mirga abbummaa lafaa fooyyessuun hojii boriif hin bulfatamneedha.

Walumaa galatti, imaamatni lafaa keenya qonnaan bulaa mirga lafa isaa gurguruufi jijjiiruu yoo gonfachiise, oomishaafi oomishtummaa damee qonnaa ni dabala; damee indastiriifis galtee ta'a. Kun immoo guddina dinagdee walii galaa ariifachiisa. Qonnaan bulaadhaaf mirgi abbummaa lafaa haga gurguruufi jijjiiruutti ta'e mirkaneeffamuufii qaba. Kanaaf, imaammatootni mirga abbummaa kana kan of keessatti qabatan akka fooyya'aniif hunduu shoora isa irraa eegamu bahachuu qaba. Hayyootni dhimma kana irratti qo'annoofi qorannoo bal'aa adeemsiisuu qabu. Warri imaammata baasanis dhimmicha irra deebiin ilaalu qabu. Dargaggoonis wantoota darbaniifi miira namaa kakaasan ari'uu dhiisee, xiyyeeffannoo isaa wantoota kallattiin jireenya isaa irratti dhiibbaa qaban dhimmoota hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee irra taasisuu qaba. Dhalootni koo warra 1960'ootaa irraa wanti inni barachuu qabu, qoccolloofi wal dhiibuu yeroof qofa ta'e isa homaa gatii hinqabne keessaa bahuun yaadota akkasiifi kana fakkaatan warra faayidaa barootaa argamsiisuu danda'an irratti mari'achuu amaleeffachuudha. Kana malees, baricha kan fakkaatuufi fedhii dargaggeessaa giddu galeessa kan godhate fooyya'iinsi imaammataa akka dhufuuf dammaqiinsa qabsaa'uun barbaachisaadha. Kana godhuu yoo dadhabne garuu, hireen keenya seerotaafi imaammatoota dulloomoo, kan yeroo keenya hin fakkaanneen akka murtaa'uuf dabarsinee laachuuf dirqamna. Kun immoo bara teeknoolojii odeeffannoofi dijitaalummaa kana keessa dorgomaa akka hin taaneef kan gufuu nutti ta'uufi caalaatti duubatti akka hafnu kan nu taasisu waan ta'eef itti yaadamuu qaba.

# Yidineqaachewu Solomoon: Itoopiyaa Deebisanii Yaaduu: Yaada Furmaataa Tarkaanfataa Siyaasa Sabummaa Jalaa Ittiin Miliquun Ni Danda'ama Jedhamee Dhiyaate

## Waamicha Jalqabaa (1): Hibboo Ijoollummaa koo Salaaleetti

Biyyi koo bareedduudha. Mooraan keenya baar-gamoon, gaattiraan, shawshawween, eebichaan, damakaseen, kosorataan, cilaaddamaan, akirmaan, margaan, muujjaan, marga-urgaa'aan, ililliiwwan halu-daneeyyii fi jarreen olitti eeraman kanaan booji'amanii harkisaan kan dhufan simbirroota gosa hedduuf kanniisota, akkasumas taphoota ijoollee adda addaatiin kan faayamte dha. Faaya kana uumuufis humnaa fi maallaqni hedduun itti baheera; kan jechuun, nama biqilaaaf lafa wal-qixxeessu, qotu, dhaabu, aramuu akkasumas bishaan galgala galgala haati kiyya obaastu dabalatee jechuudha. Ganama ganama yeroo mara hanga cireen haati kiyya qopheessitu dhiyaatutti, qilleensa mooraa keenyaa unachaa yeroon asii fi achi deddeemu miira addaatu anatti dhaga'ama. Ganda keenya keessaa, bal'ina lafaan, baay'ina mukkeenii akkasumas baay'inaa fi gosoota abaaboo adda addaan mooraa keenya ni caala jedhee kan ani yaadu Mana Barumsaa Abdiisaa Aagaa qofaa dha. Manni barumsichaa dhiyoo ta'uu isaa fi haati kiyyas achii kan barsiiftu ta'uu ishee irraan kan ka'e akkuma mooraa keenyaatti ture kan ani ilaalu. Manni Barumsaa Abdiisaa Aagaa kunis yeroo jalqabaaf Fulbaana 1986 ture kan inni barattoota afaan Amaariffaa fudhee hin barsiisu jechuun labse. Anis sababuma kana irraan kan ka'e, umurii koo waggaa 6'tti, mana barumsaa kan biraa, kan mana jireenyaa keenya irraa adeemsa sa'aatii tokkoo oli fagaatu Mana Barumsaa Sadarkaa tokkoffaa Abiyoot Firee jedhamu deemuun kutaa tokkotti galmaa'uuf kan an dirqame. Sababa fageenya mana barumsaa kanaanis abbaan kiyya guyyaa hunda of nyaata; yeroo areeda isaa haaddatu, kiraavaatii isaa tolfatu, urgooftuu dibatu, maarramaa isaa dadachaafatu, kophee isaa hidhatu, rifeensa isaa filatu, nyaata nyaatu... yeroo kamitti illee waa'ee dhimma kanaaf ni jinaa'a, keessi isaas ni gubata.

- --Barumsa Afaan Amaariffa cufuun Uummata Oromoo fayyaduu isaaniitii!?
- --Hiriyaadhuma keeti kan barataan Afaan Amaariffaa gahaan hin jiru jechuun kan gabaasa dhiyeesse
- --Ani rakkoo dhukkuba afaanii hin qabu
- --Jabaadhu ilma koo cimi adaraa-- korojoo dabtara kiyyaa fudhee yeroon bahu

Cufaa balbala karra keenyaa keessaa loosee lafa dhadhaabbachaa, dirree Fiitaawuraarii Amdee Abarraa fixeensa haguugame sana qaxxaamuree gara mana burumsaa Abiyoot Fireetti osoon tiradhuu, Obbo Kaachaan "Qorrichi akkasi egaa, Diilalli isaa akka gaanfa harreeti" anaan jechuun akkuma maqaasaa sukukaa ana bira darbee deeme. Abbaan kiyya yeroo hedduu irra deddeebi'uun "An dhibee afaanii hin qabu" naan jechuu isaa nan yaadadha. Maal jechuu akka barbaade, maal jechuu isaa akka ta'e garuu hin hubannen ture.

Sababni imala ani Mana Barumsaa Abdiisaa Aagaa irraa gara Abiyooti Fireetti taasisee buqqaatii siyaasni afaanii fidee fi godaansa lafee nama cabsu ta'uu isaa turtii yeroo dheeraa boodas ta'u turee naaf galeera. Har'a har'a garuu hunda hubadheera. Siyaasni afaaniin durfamu siyaasa ari'ataa fi buqqisaa ta'uu isaa sirriitti qalbeeffadheera. Jeequmsa siyaasni afaaniin durfamu kun uumeenis biyya koo lakkoofsa buqqaatota biyya keessaatiin addunyaa irratti dursaa akka taatu godheera. Magaalaa ani keessa jiraadhu 'Debre Birhaan' qofatti lakkoofsi buqqaatota yeroo ammaa jiran kan 90,000'tti dhiyaatu dha. Rakkoon kun buqqaatota kanneen lafa isaanii irraa qofa osoo hin taane kan godaansisu qalbii namummaa isaanii illee kan hubu ta'uu isaa irraan kan ka'e namootni hedduun gama xiinsammuutiinis akka miidhaman taasiseera. Hariiroo jireenya Hawaasummaa isaanii hundee irraa isaan jalaa diiguu isaa irraan kan ka'e nageenya illee dhabaniiru. Hafuura barreeffama kiyyaa akka ana jalaa hin booressine yaaduun akkasumas immoo nama dursee waa beekutti waanta inni beeku irra deebiin itti himuu na jalaa ta'a jedhee sodaan qabuuf jecha sababa siyaasaatiin buqqa'iinsa, du'aa fi mancaatii uummata irratti raawwatamaniif ragaa dhiyeessuu irraa ofin qusadha. Rakkoon kun hundi maaliif nu irra gahe?

Kaayyoon barruu kanaa Itoophiyaa keessatti siyaasni “Sabaa, sablammootaa fi uummatootaa” (ammaan booda kan ani siyaasa sabummaa ittiin jedhu) akka biyyaatti rakkoo inni nu irraan ga’e jalaa miliquuf sabummaa Kiyyeessuu mala jedhuun yaada furmaata irratti xiyyeeffate kan dhiyeessuudha. Kana gochuu-fis, jalqaba irratti, sadarkaa yaadaatti hundeen sabummaa “Afaan” akka ta’e ibsuunan eegala. Itti aansu-unis, ibsa xiinsammuu Laakaan bu’uureffachuun siyaasni afaaniin dursamu akkamiin akka inni buqqa-atii uummataaf sababa ta’uu danda’en balballoomsa. Xumura irrattis, muddama siyaasaa Itoophiyaa kan bishaanni hin jiiisne, haasaanis laaffisuu hin dandeenye sana tasgabbeessuuf ni fayyada jedhee kan ani yaa-du mala falaasama tarkaanfattummaa Deeluuzii fi Guwaataariinin akka furmaataatti akeekuun dhiyeessa.

### **Waamicha 2: Sakattaa Sabummaa: Burjaajii Sirrii Hiika-dhabdummaa**

Barruu Waaleliny Mokonnin “Itoopiyya Keessatti Gaaffii Sablammootaa” jedhu irratti Itoophiyaa keessa cunqursaan sabootaa jiraachuu isaa ifatti labsuu isaa irra caalaa, egeree siyaasa biyyattii bocuu irratti shoo-ra ol-aanaa ta’eedha kan taphate. Kufaati mootummaa Dargii booda hojii irra kan oolfame galmeen walii galtee hawaasaa mootummaa Ripaapilika Federaalawaa fi Dimokiraatawaa Itoopiyya (RFDI) kaayyoon hundaa’ina isaa inni guddaan firii cunqursaa sabootaa kan ta’e hariiroo seenaa jal’aa ta’e “qajeelchuu fi fayyadamiinsa waloo guddisuu” dha. Ta’us garuu Heerichi kaayyoo ijoo isaa kana irraa jal’achuun bur-jaajii hawaasummaa wal-irraa hin citnee fi gidiraa yeroo dheeraaf nu saaxileera. Biyya keenya keessatti, akka sirba warra gowwaa, walitti bu’iinsi, ajjeechaan, buqqa’iinsi akkasumas lakkoofsi koolu-galootaa yeroodhaa gara yerootti dabalaa deemuu isaaf maddi inni ijooniifi guddichi dhalataa saba tokkoo ta’uu fi ta’uu dhiisuudha gaafa jedhamu ni dhagahama. Saba jechuun maal jechuudha jedhee qorannoo geggees-suuf jechi kun hiika ifaa ta’e akka hin qabne hubatamaadha. Barreessaan tokko akka ibsetti, “**Sabni ofii isaa sanyiin**, aadaan, lagaa fi amanitin wal qoqoodee gaarreen gurguddoo gidduu of dhokseera.” Kan ta’e ta’ee, bu’uura barruu falmii kiyyaan, maddi hookkara akka biyyaatti keessa jirruu bu’uura heerichaatiin mirgi abbummaa kan kennameefiifi yaadrimee gooroo kan ta’e “Saba” galmeen bakka bu’e qajeellootti tumamuu dhabuun isaa kan dhale hunkurama hawaasummaa sirrii ta’edha.

Heera RFDI irraa akka hubannetti, Itoophiyaatti murtiin Sabummaa bulchiinsa caalmaatti afaan bu’uur-effate ta’uu isaa irraa kan ka’e, siyaasnis siyaasa afaan bu’uureffateefi afaaniin durfamu akka ta’u taas-iseera. Fakkeenyaaf, fagoo osoo hin deemin, Itoophiyaatti saboota 80 ol ta’antu jiru gaafa jedhamu, afaanotni 80 ol ta’an jiraachuu isaanii tilmaama keessa galchineeti. Waan kana ta’eeffis, maalummaan Sabaa qabatamaatti afaaniin kan durfamuudha. Kanaaf, Itoophiyaa keessa siyaasa Sabummaa osoo hin taane siyaasa Afaaniitu jira jechuun ni danda’ama. Kunis Itoophiyaatti gaaffii mirga Sabummaa jechuun gaaffii mirgi afaan ofiitiin of bulchuu haa kabajamu jechuuti. Falmiikoo jabeeffachuuf, seenaa siyaasa Itoophiyaa keessatti jijjiirama bu’uuraa kan fide bara Warraaqsa (Abiyootii) dhimma koon wal bira qabuun kaasee ilaaluufan yaala.

Awurooppaatti Gamtaan Barattoota Itoopiyya, “Afaanii fi Qabsoo Warraaqsa; Afaanota Itoopiyya Keessatti” jechuun kan qopheessan barruu “Taaxeq” jettu irratti akka katabametti, yaaliin saba tokko afaan inni dubbatuun waamuu (bakka buusuu) akka ture ni ibsa. Galumsa barruulee kanaa irrattis kan kanatti aanee jiru ni mul’ata. “Qabxiwwan warraaqsi Itoophiyaa gara fuulduraa hiika guddaa akka qabaatuu fi ajaa’ibsiisaa akka ta’u taasisuu danda’an keessaa tokko dhimma ‘afaanii’ti. Itoophiyaa ‘gola hambaa sabootaa’ taate dukkana sirna fiwudaalaa keessaa baasuu kan caalu hawwiin jireenyaa akka hin jiraanne ni hubachiisa. ... Afaaniifi qabsoon warraaqsa hidhata jabaa ta’e qabaachuun isaanii ifaa dha” (1964:6). Kunis dhimmi afaanii kun adeemsa warraaqsihaa keessatti dhimma ijoo akka ta’e ragaa ni baha.

Dhaabbanni Qorannoo Sablammootaa Itoophiyaa bara 1978 “Ibsa gabaabduu Sablammoota Itoophiyaa Beekuuf” kan jedhuun barruu gabaabduun maxxanses argamaafi kaartaa tamsa’inaa afaanota Itoophiyaatti argamanii ta’ee argama. Akka Heera RFDI bara 1978 ragga’eetti, biyyi keenya biyya sabootaa (“saboota, sablammootaafi uummatoota”), galmeen walta’iinsa hawaasaas kan raggaasifames walii galtee saboota, sablammootaafi uummatoota Itoophiyaatiini haa jedhamu iyyuu malee bu’uurri walii gala yaadama kanaa afaan ta’uun isaa beekamaadha.

Gama afaaniitiin, Itoophiyaa keessatti haalli adda ta'e akka jiru ifaadha; tokko, afaanni waaroo sabummaatiin golgamee argama; kan biraan, afaanni ulaagaa siyaasessitootni aangoo ittiin argatanidha. Dabalataan, afaan itti waamama eenyummaa goonee fudhanneerra. Afaanni giddu gala bulchiinsa mootummaa taasifameera. Fakkeenyaaf, Sidaamaan naannoo ta'uu isaa hordofee sirreeffama hojjetoota mootummaa taasifame keessatti ulaagaan isaa inni guddaan Afaan Sidaamaa danda'uudha. Naannolee Itoophiyaa biroottis haalli wal fakkaataan kun jiraachuu isaatiif agarsiiftuuwwan qabatamoo ta'an baay'etu jiru. Gabaabumatti, muddama ykn rakkoo cimaa siyaasaa Itoophiyaa mudate tasgabbeessuuf siyaasa 'afaaniin' durfamu kana siyaasa sabummaan bakka buusanii qulqulleessuu fi hubachuun dirqama kan barbaachisuu dha.

Barsiisaan xiinqooqaa tokko akka ibsanitti, maddi goolama siyaasaa Itoophiyaa mudate kun hiika siyaasaa hin qoratamne afaaniif kenname irraa kan dhufeedha. Nan caqasa. "Rakkoo ijoo Itoophiyaa afaani. (Kun) ta'uun isaa ammallee hin beekamne. Hayyoota xiinqooqa hawaasaa biyya keenyaa birattis hin beekamne jechuun ni danda'ama. Caalaatti beekamuu kan danda'u ammoo ogeeyyii xiinqooqa hawaasaafi hayyoota afaanii biratti. Dabalataanis, tumsa hayyoota maalummaafi ijaarsa afaaniin afaanni xiinxalamee gaafa beekamuudha. Biyyoota af-daneeyyii akka Itoophiyaa keessatti **afaanni jireenya hawaasummaa** uummataafi sirna mootummaa faaluu ni danda'a". Haa ta'u malee, af-danummaan ofii isaatiin rakkina akka hin taane biyyoota af-daneeyyii biroo irraa hubachuun ni danda'ama. Seenaa biyya keenyaa keessattis sababa afaaniitiin walitti bu'iinsi galmeeffame hin jiru.

Galma barruu koo mirkaneessuuf, waa'ee maalummaa afaanii daandii falaasaa biyya Firaansi Jaakuus Laakaan irrann dhiyeessa. Gabaabumatti, Laakaan falaasama xiinsammuu Firooyidiin leellifamu bu'uura xiinqooqaa godhee nama fudhateedha. Fudhatamummaas kan argateedha. Abbaan xiinqooqaa Ferdinaandi Di Saasuu akka ibsetti wantootaa fi moggaasa (mallattoo) isaanii gidduu hariiroon kallattii tokko iyyuu hin jiru. Hariiroon kun hariiroo akkafeteedha (arbitrary). Xiinqooqni qaamota lama (the signifier and the signified) gidduutti kan argamu qaawwaa hin duudnee dha. Laakaanis hariiroo kana gara qoranno sammuu fidee qorannoo taasiseen, kutaan sammuu inni dammaqaa hin taane ijaarsi isaa akka afaanii ta'uu isaa akka itti aanutti hubachiiseera.

Hidhata dhuunfaa-fi-hawaasaan eenyummaan ijaaramu afaaniin alatti hin yaadamu. Sababni isaas, afaaniin-duratti (daa'imummaatti) of adda baasuun hin danda'amu; sirumaa daa'imichi tasumaa yeroo ofii isaa fi naannoo isaa adda baafachuu hin dandeenyettiifi haadha isaatti kan fakkeesse (imagery) sadarkaaale hedduu darbeera. Afaanni faallaa sadarkaa fakkiitti waan hubannaa isaa arganne irra kan adda ta'e eenyummaa adda ta'e nuuf kenna. Kana boodas daa'imicha arganna. Namnis afaaniin aadaa fi utubaa ijaarsa hawaasa isaa hubachaa guddata. Beekumsoota isaan akkanaa kanaan geggeeffamaa fedhiwwan isaa ni ukkaamsa. Kunis afaan maddaa fi frii hacuucamiinsa miiraa akka ta'uu isa taasisa.

Bu'uura xiinsammuu Laakaaniin, namni kan inni geggeeffamu yeroo itti afaan fayyadamuu jalqabe irraa jalqabee ijaaramuu kan eegaluu kutaa sammuu isaa isa dammaqaa hin taaneeni. Afaan danda'uun mallattoo (Symbolic) gara ta'e gara sirna hawaasummaa aadaan geggeeffamuutti nu ceesisa. Ifatti gaafa dhiyaatu, afaanni eenyummaan ilma namaa kan ittiin uumamu, kan ittiin bocamuufi kan ittiin ibsamuu yoo ta'e iyyuu, afaanni hojimaatni isaa kara tooftaa jijjiiramaafi maqaan-bulii ta'een, tokko, ofii isaa kan jijjiiru, tokko ammoo dhimmoota biroo gidduus kan galuu ta'uu isaa irraa kan ka'e, afaanni yaadrimee dhaabataa, ititaafi kan hin jijjiiramne akka hin taane ni hubanna. Kunis afaanni sababawaa akka hin taane isa taasisa.

Odeessa afaanii Laakaan kan xiinsammuu bu'uureffate irraa akka barannutti, dhimma tokko ibsuudhaafi yaalii goonuun haala hamaa ta'een dhimmicha hubachuu irraa of qusanna. Yaadama tokkoof moggaasaa fi ibsa kennamuun dhimmicha sirriitti akka ibsu iyyuu dhokseera. Fakkeenyaaf, armaan olitti akkuman caqase, moggaasni sabaaf kenname maalummaa afaanii dhokseera; ibsa siyaasaa isaas booresseera. Kana jechuunis, afaaniin hoogganamaa naaf haa ta'u jedhanii dhugaa gara galchuuf moggaasni dogoggoraa taasifamu sammuu uumamaa biratti fudhatama argachuu isaatiif gufuu guddaadha. Hiikoo bakka bu'uu

danda’u dhabuun kun akka ilaalcha Laakaanitti burjaajjii sirrii (trauma of the real) jedhama. Dhukkubbii kan uumuudhasi.

Dabalataanis, afaan ofiin of bulchuuf yaaluunis akka nama waa yaaduutti osoo hin taane, akka mi’aatti to’ataa ofii keenyaa to’achuu hin dandeenye of irratti moosisuudha. Gama kanaan qorattoota akka [Habiib wabeeffannaaf](#) caqasuun ni danda’ama. Akka hubannaa kiyaatti, Itoophiyaan goolama buqqaatii keessa kan seente, buufata sodaa kan taate, akkasumas wiirtuu hacuuccaa kan taate sababa siyaasni ishee ijaarama afaanii irraa kan waraabame ta’eefi. Eenyummaadhaan qoqqoodee akka wal nu nyaachisuuf afaaniif aangoo seeraa laanneerraaf. Namaaf miti mirga kan laanne. Sababni koos, namni afaaniin durfamaa adeema malee afaan namaan durfamaa adeemuu waan hin dandeenyeefi. Kanaafis agarsiiftuun qabatamaan buqqaatiifi godaansa biyya keenya keessatti ta’eedha. An hamman beekutti seenaafi aadaa walii galaa Itoophiyaa keessatti dhimmi kana fakkaatu argamee hin beekamu. Amma eessaa dhufe? Siyaasa afaaniin durfamuun ulfa’amee waan dhalateefi.

Walumaa galatti, odeessa hamma ammaatti dhiyaatan keessaa warra itti aanan garaatti qabachuun ni mala: afaanni madda-bu’aa hacuuccaa ta’uun isaa; hojiin afaaniis buqqisuufi dhaaluu ta’uun isaa; afaanni yaadrimee raafamaa ta’uun isaa; afaanni sababawaa kan hin taaneefi hiikoo bakka bu’u kan hin qabne uumtuu dhukkubbii ta’uu isaa jechuudha. Siyaasni biyya keenyaa afaaniin kan durfamuudha. Ta’iin kun araddaan afaanii araddaa siyaasaa keessa akka seenu taasiseera. Kunis dameewwan adda addaa heetiroojiinesii (heterogeneous) ta’an waliin makuun haala xaxamaa bahaafi gala hin qabne uuma. Yeroo kanatti kiyyeessuun ni uumama. Yaadni kun hunkurama bif-daneessa Itoophiyaan keessatti argamtuuf ragaa qabatamaa ta’uu isaan olitti, federaaliizimiin sabummaa afaan bu’uureffate carraa hawaasa ititeefi dhaabataa ta’e uumuu, akkasumas biyya fiixaan baate ijaaruufi itti fufsiisuu mallattoo gaaffii jala galcheera.

### **Waamicha 3: Wal-Xaxiinsa Hiddummaa: Furmaata Addaa Waliin**

Falaasota biyya Firaansi kan ta’an Giiles Diluuziifi Fileeksi Guwaataarii akka lakkoofsa Awurooppaatti bara 1976 (1984) kitaaba isaanii ‘Imimmaan Kuma’ jedhu keessatti, yaadrimee Rhizome (hidda<sup>1</sup>) jedhamu maddisiisuun katabaniiru. Yaadrimeen kun gabaabumatti haala wal-xaxaa yeroo keessa jirruu kana kan agarsiisuudha. Hiddi (raayizoomiin) saayinsii biqilootaa irraa kan waraabame sochii hundee biqilaa wajjin kan wal qabatu mala bakka bu’aadha. Faallaan hiddaa muka. Biyya keenya keessatti waa’ee mukummaa kan ibsu walaloo Bewuqetuu Siyyum irraa kan madde haa ilaallu.

**Ta’uu yoo barbaadde mukummaa filadhu  
Yeroo si muranii kuma taatee akka lattu**

Warroota hiddummaa leellisaniif yaada ijoo walalichaa kan ta’e mukummaan yaada baricha birmaduu hin baasne (aborescent thinking) dha. Hin birmadoomsu. Kana jechuun, lakkoofsaan baay’achuun (tokko tokko caaluun) bilisummaa nama hin gonfachiisu. Bara kana bilisummaa argachuuf qulqullina yaadaa, danoomina, jijjiiramummaa (flexibility), hammatamummaafi maloota kanneen kana fakkaatan biroof qophaa’aa (banaa) ta’uu dha. Galumsa barbaachisummaa kenninuuf keessaa baanee amalaa fi tooftaa *sochii hiddaa* dhaaluu yaaduuf kaka’uun hiddummaadha.

Sochiin hiddaa jala irraa ka’uu isaa irraa kan ka’e dhiibbaa (hacuuccaa) gararraadhaan dhufu ni dandamata. Sochii kana keessatti gidduufi moggaan hin jiru; jalqabaafi dhumni hin jiru; yaadnis iddoo kabajamaafi olaantummaa hin qabatu. Waan ta’eefis, hiddi marii wal irraa hin citne kan ta’e siyaasaaf dhimma isa bu’uraati. Hiddummaan carraa ta’uu (of becoming) uumuu isaan garasitti, akkuma Addaam Rattaa ibse “Daangaa yeroo ammaa keessa galuuf carraa qaba”.

---

1 Hiddi hiika jechi Rhizome jedhu qabate bakka bu’ee itti fayyadamuu kan dandeenyu akka ta’e Addaam Rattaa hubachiiseera. Addaam Rattaa, Yuumbertoo Eekoo caqasee akka jedhutti “Raayizoomiin sararri isaa tokko sararoota biroo wajjin kan wal qabatanidha. Gidduus moggaas hin qabu. Bahumsas hin qabu. Addunyaan tilmaamaa addunyaa raayizoomiiti.”

Barruu kana keessatti akkuma ibsame, afaaniin kan durfame jeequmsi siyaasaa biyya keenyaa salphaatti hiikamuu kan hin dandeenyeefi wal xaxaa kan ta'edha. Kanaafis, daandiin ittiin siyaasa afaaniin durfamuu kana jalaa miliqan barbaadamuufii qaba. Kana gochuufis hubannaa hiddummaatiin geggeeffamnee furmaata filannoo ta'u barbaaduun waan maludha. Kana jechuunis dhimmicha dhiisuu ykn dhimmicha jijjiiruu jechuu miti. Kana jechuun, dhimmichi dhimma waloo kan ta'eefi maatii dabalatee tumsa qooda fudhattoota ganda irraa haga gulantaa mootummaa ol aanaatti jiranii kan barbaaduudha. Sababni isaas hiddummaadhaan gaafa yaadnu kan nuti yaadnu waa'ee waan danuuti; waa'ee wantoota to'annoo keenya jalatti argamaniifi wantoota to'annoo keenyaan alatti argamuu danda'anii dabalatee jechuudha. Hiddummaadhaan gaafa yaadnu wanti nuti yaadnu waa'ee jalqabuufi waa'ee xumuruu miti; walakkeessa irra jirru irraa kaanee, dhimma walakkeessa kana keessa darbinee gara wal arguutti imaluuti. Kana gidduutti biyya keenyaaf siyaasa wal danda'uu irraa gara siyaasa waliif yaaduutti cehuu kan ishee dandeessisu sarara balalii (line of flight) argachuu dandeenya. Kun waamicha warraaqsa dambalii siyaasa Itoophiyaati.

Akka yaada dhiyeessitootaatti, yaada Firooyidiifi Laakaan isa namni maatii (aadaa) irraa jalqabee muuxannoo hachuucamuu isa mudatu irraa kan ka'e ni goolama kan jedhu yaadama mukummaa xiinsammuu gadi qabuufi hachuucuu (ibsitee dameewwan loojikii, xiinsammuu, sanyiifi kkf ta'uus ni danda'a) keessaa bahuu qabna. Kaayyoon kiyyeessuu akka afaanii salphaatti madaalamuufi safaramuu dhimmoota danda'an dhiisnee namoota gama rakkoo isaan keessa jiraniitiin argachuuf (qabuuf) yaaluudha. Kunis haala (rakkina) qabatamaa keessa jiran keessaa akka bahaniif haala dandeessistuu uumaaf. Fakkeenyaaf, waamicha tokkoffaa irratti akkuma ibsame, bara 1986'tti manni barumsaa Abdiisaa Aagaa namoota afaan Amaariffaan afaan hiikkatan simatee barsiisuu dhaabee ture. Waan ta'eefis, murtoon siyaasaa kun hawaasicha dadhabbii guddaaf kan saaxilee ta'uu isaa irraan ka'e bulchiinsichaaf irra deddeebiin komiin dhiyaataa ture. Dadhabbii waggaa sadihii booda bara 1989'tti murtochi diigamee Abdiisaa Aagaa mana barumsaa Amaariffaas kan Afaan Oromoos akka ta'u taasifameera. Taateen kun qoodiinsa irra hammatamummaan nageenya hawaasichaaf murteessaa akka ta'e barumsa kan kennu ture. Hammatamummaan gabbate ibsitee hiddummaa isa tokkodha.

## CREDITS

The Ethiopia Peace Research Facility (PRF) is an independent facility combining timely analysis on peace and conflict from Ethiopian experts with support for conflict sensitive programming in the country. It is managed by the Rift Valley Institute and funded by the UK government. The Rift Valley Institute works in Eastern and Central Africa to bring local knowledge to bear on social, political and economic development.

The Institute for Peace and Security Studies (IPSS), established in 2007 at Addis Ababa University (AAU), is a leading African institute for the production and dissemination of knowledge on peace and security, and is recognised for academic and research excellence. Over the years, the Institute has continued to achieve its vision through its state-of-the-art academic programmes and evidence-based research. It is also the secretariat of the Tana High-Level Forum on Security in Africa, an annual high-level gathering of African heads of state, former heads of state, eminent African personalities and experts to deliberate on the continent's most pressing peace and security issues. The IPSS also serves as the African Research Universities Alliance (ARUA) Centre of Excellence on Post-Conflict Societies.

Copyright © Institute for Peace and Security Studies and Rift Valley Institute 2024. This work is published under a Creative Commons AttributionNonCommercial-NoDerivatives License (CC BY-NC-ND 4.0)



**IPSS**  
Institute for Peace and  
Security Studies



**Rift Valley Institute**  
MAKING LOCAL KNOWLEDGE WORK



**Peace  
Research  
Facility**